سُورَةُ هُودٌ
Suuraa Huud

*Dura dursoo suuran tun suuraa huud je'amti .

قبل كل شئ هذه هي سورة هود

*Isiin suuraa makkaati, aayata 12,17 malee isiin ta madiina'aatii, **17. 114**

وهي سورة مكيــة الا الآيات ١٢. ١١٤، . فهي مدنية

*Aayanni isi'ii dhibbaafii diiddamii sadi {123}

وآياتها مائة وثلاث وعشــرون{١٢٣}

*Lakkooysi isi'ii kudha tokko {11}

وترتيبها{١١}

*Isiin eega suuratu yuunusii buute.

نزلت بعد سورة الإسراء

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii qananii guddo'oo xiqqo'oon nama qananiisutii,

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jechi kun harfii arabaa sadiyirraa{`.L.R

الٓرۚ

{أ،ل،ر} walitti qabame, makgnaa isaa Rabbumaatu beekha je'anii dhiisu'uutu gaari'i,haa tayuu ulamaa'in gariin akka je'u : jechi {الر} kun maqaa Rabbii sadii nuu hima je'a,harfiin alif {'A}{anallaahu} jechaa himti ,ammoo harfiin{L} {ل} {laxiifun} jechaa himti, ammoo harfiin{R} {ر} {Rahgiim} jechaa himti, ammoo namni gariin akki je'u; wanni Rabbiin harfii sadeen tana dubbateef, akka waan warra arabaa kan qur'aana Rabbiin hin buufnee, muhammadiitu tolche je'uun, qur'aanni harfii isin beeytan, tan akka alifiifii, laamifii, raa'irraa walitti qaba-maa, mee qur'aana akka isaa, isin warra akka muhammaditti afaan arabaa be-ekhuu fidaa, takkaa suuraa takka gabaabdu takka suuraa qur'aanaa fidaa , akka waan Rabbiin isaanin je'utti,duuba fiduu dadhaban

*Qur'aanni kun, kitaaba aayaanni isaa akkaan miidheyfamte, gara jechaatifii, gara makgnaadhalle'een, akkaan tolfamtee jabeeffamte,

كِتَٰبٌ أُحْكِمَتْ ءَايَٰتُهُۥ

*Qur'aana aayaanni isaa addaan babaafamtee addeeffate, addaan babaafamuun wal duraa duuban bu'uu, takkaa aayaanni gariin heera himtee, gariin towhgiida himtee, gariin gorsa, gariin odu duroo dubbatu'

ثُمَّ فُصِّلَتْ

مِن لَّدُنۡهُ

*Qur'aanni kun Rabbi biraa dhufe, nama biraa mitii,

وَحَكِيمٍ

*Rabbii hikmaa qabu,kan waan malu malee hin dalayne ,

خَبِيرٖ ١

1}*Rabbii waan hunda keessa beekhutu qur'aana kana buuse, isarraa dhufe.

أَلَّا تَعۡبُدُوٓاْ إِلَّا ٱللَّهَۚ

*Wanni Rabbiin qur'aana buusef, akka Rabbii tokkicha malee,waan biraa hin ibaanne'eefi, takkaan gabbarre'eefi,

إِنَّنِي لَكُم مِّنۡهُ نَذِيرٞ

*An nama Rabbirraa isiniif ergame, kan yoo kafartan azaaban isin sodaachisu,

وَبَشِيرٞ ٢

2}*Kan yoo amantan jannataan isin gammachiisu.

وَأَنِ ٱسۡتَغۡفِرُواْ رَبَّكُمۡ

*Ammas wanni itti yaamamtan,dilii yookaa cubbuu hundarraa araarama Rabbirraa barbaadu`,

ثُمَّ تُوبُوٓاْ إِلَيۡهِ

*Eegasii ibaadaadhan gama Rabbii deebi'aa akkana jechuun;amana'aatii, araarama Rabbiraa barbaada'aa, eegasii ibaada'atti jabaadhaa waan gaarii dalagaa ,jechu`

يُمَتِّعۡكُم مَّتَٰعًا حَسَنًا

*Rabbiin gaafas addunyaa tanarratti isin qananiisaa,qananii gaarii, addunyaa isinitti bal'isee, jiruu isin tolchee,

إِلَىٰٓ أَجَلٖ مُّسَمّٗى

*Hanga duutanitti ,

وَيُؤۡتِ كُلَّ ذِي فَضۡلٖ فَضۡلَهُۥۖ

*Ammoo aakhira'atti nama dalagaa gaarii ida'ee heddommeysee dalage hundaaf sawaaba yookaa galata ida'ee, dacha dachaa godhee, kennaa beekhaa

وَإِن تَوَلَّوۡاْ

*Yoo waanan an isinittiin dhufe ,qeebaluu diddanii irraa gara galtan,

فَإِنِّيٓ أَخَافُ عَلَيۡكُمۡ عَذَابَ يَوۡمٖ كَبِيرٍ ٣

3}*Wannin an isiniif sodadhu azaaba guyyaa gudda'aati, sun guyyaa qiyaama'aatii ,Rabbiin guyyaa qiyaama'aa isin qixaaxu'un sodaadha jechu.

إِلَى ٱللَّهِ مَرۡجِعُكُمۡۖ

*Eega duutanii gara Rabbiiti deebitanii, bakka itti jalaa baatan hin qabdan,

وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٌ ٤

4}*Rabbiin waa hundarratti dandaya'aa beekhaa.

أَلَآ إِنَّهُمۡ يَثۡنُونَ صُدُورَهُمۡ

*Dhagayaa ormi munaafiqaa sun,qalbii isaanii haqa qeebalu'urraa maran, takkaa dachaasan,

لِيَسۡتَخۡفُواْ مِنۡهُۚ

*Rabbirraa dhokhatuu barbaadu'uuf jecha akka Rabbiin rasuulafii, orma islaamaa, waan isaan dalagan hin beysifne'eef,

أَلَا حِينَ يَسۡتَغۡشُونَ ثِيَابَهُمۡ

*Dhagayaa, hoggaa isaan hucuu isaanii ifitti maran, takkaa hagoogan,

يَعۡلَمُ مَا يُسِرُّونَ

*Rabbiin waan isaan hoggaa san dalagan , takkaa je'an , ni beekha,

وَمَا يُعۡلِنُونَۚ

*Akkasuma waan isaan dirree baasanis ni beekha, Rabbirraa dhokhatuun, isaan hin fayyadu, dhokhatulleen dandayan,

إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ٥

5}*Rabbiin waan qalbii namaa keessa jiru beekhaa waan dhoysa'aan dalaganiifii , kaannillee, nama gaafatu'uf taa'a

وَمَا مِن دَآبَّةٖ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Wanni Rabbiin uumee, lafa tanarra jiru, takkaa deemu hundi

إِلَّا عَلَى ٱللَّهِ رِزۡقُهَا

*Rizqiin isaanii ,wanni isaan jiraataniin Rabbumarra jirti malee ,nama biraatii miti, Rabbumaatu,rizqii isaanii hiruu, isaan nyaachisee obaasuu,if qabsiise ,arjummaa isaatin,

وَيَعۡلَمُ مُسۡتَقَرَّهَا

*Rabbiin wahayyuu waan uumame hunda ,bakka addunyaa tanarraa inni taa'u, ni beekha,

وَمُسۡتَوۡدَعَهَاۚ

*Bakka eega du'ee taa'us, ni beekha, takkaa bakka isiin dudda abba'arraa teessufii ,gadaamessa haadhaa ,takkaa khillee isiin keessa teessu,Rabbiin ni beekha jechu'

كُلّٞ

*Wanni lafarra yaa'ufii, wanni biralleen,

فِي كِتَٰبٖ مُّبِينٖ ٦

6}*Kitaaba waa adda babaasee himu keessatti katabamee jira, sun kitaaba lowhgal mahgfuuz je'amu, kan wanni Rabbiin uume hundi keessatti katabamte, nama hunda,takkaa waa hunda isaafii umrii

isaatifii, rizqiin isaa, gaafa inni dhalatuufii, gaafa inni du'u, bakka inni taa'ufii, bakka inni itti godaanu hunda, lowhgal mahgfuuz, san keessatti , Rabbiin katabee jira.

وَهُوَ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ

*Rabbiin sun , isa sami`iifii dachii hanga guyyaa jahaa keessatti uume ,alhadarraa hanga guyyaa jimkgatatti , guyyaa jahan kana keessatti uumun kan waytii xi-qqoo keessatti uumee fixuu dandayu , akkaataa dalaga'aa gabroota isaa barsi-isu'uufi, akka waan waytii takka keessatti hin dhumne, waytii biraa keessatti fixan,

وَكَانَ عَرْشُهُۥ عَلَى ٱلْمَآءِ

*Arshiin Rabbii odoo sami`iifii dachiin uumin dura, uumamtee bishaanirra dhaab-batti. ammoo bishaan qilleensarra dhaab-bata arshiin irra guddoo waan Rabbiin uumerraayi,

لِيَبْلُوَكُمْ

*Wanni Rabbiin sami'iifii dachii uumee ,waan dantaa,yookaa faaydaa teessan qabu ,isaan lamaan keessatti isinii uumef ,isin mokkoru'uufi, isin laalu'uufi,

أَيُّكُمْ أَحْسَنُ عَمَلًا ۗ

*Nama isinirraa akkaan Rabbi dhagayu, kan galata isaa galchu , mul`isu`uufi

وَلَئِن قُلْتَ إِنَّكُم مَّبْعُوثُونَ مِنۢ بَعْدِ ٱلْمَوْتِ

*Yoo orma kuffaaratiin eega duutanii kaafamtaniiti, gaafatamtan jette

لَيَقُولَنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓا۟

*Warri Rabbitti kafare akki je'u:

إِنْ هَٰذَآ إِلَّا سِحْرٌ مُّبِينٌ ﴿٧﴾

7}*Qur'aanni eega duutanii ni kaafamtan je'uufii, wanni ati jettu kun, sihriidha, waan hin jirre, kijiba je'an.

وَلَئِنْ أَخَّرْنَا عَنْهُمُ ٱلْعَذَابَ

*Yoo orma kuffaararraa azaaba booda aansine ,

إِلَىٰٓ أُمَّةٍ مَّعْدُودَةٍ

*Hanga waytii beekkamtu'utti {ummatin} jechuun: waytii jechu'uu,

لَّيَقُولُنَّ مَا يَحْبِسُهُۥٓ ۗ

*Wanni ormi kuffaaraa je'u qishna'aaf je-cha maali wanni azaaba nutti bu'uu dhoo-wwe? duuba Rabbiin akki je'e,

أَلَا يَوْمَ يَأْتِيهِمْ لَيْسَ مَصْرُوفًا عَنْهُمْ

*Dhagayaa,azaabni guyyaa isaanitti dhufe, isaanirraan deeffamu, namni isaanirraa dhoowwun jiru,

وَحَاقَ بِهِم مَّا كَانُوا۟ بِهِۦ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿٨﴾

8}*Duuba gaafa isaanitti bu'u wanni isa-an jarjarsiifatan itti marsee azaabni isaan

maaltu nutti bu'uu dhoowwe je'anii qishnaa godhan, isaanitti marsee bakka itti jalaa bayan hin qaban.

*Nama kaafiraa yoo rahgmata keenya dhandhamsiifne, horii isaa kenninee fayyaa isaa kennuudhan

وَلَئِنْ أَذَقْنَا ٱلْإِنسَٰنَ مِنَّا رَحْمَةً

*Duuba eegasii waan isaa kennine irraa fuune, hiyyoomsinee dhukkubsachiifnee

ثُمَّ نَزَعْنَٰهَا مِنْهُ

9}*Inni nama akkaan rahgmata Rabbirraa citee, Rabbitti kafaruu jabeessu.

إِنَّهُۥ لَيَـُٔوسٌ كَفُورٌ ﴿٩﴾

*Ammoo yoo eega dararamee,nikgmata dhandhamsiifne,yoo eega rakkatee bal'o'otti baafne,yoo eega hiyyoomee duroomsinee, eega dhukkubsatee fayyifne

وَلَئِنْ أَذَقْنَٰهُ نَعْمَآءَ بَعْدَ ضَرَّآءَ مَسَّتْهُ

*Cinqiin jiruu tiyya hammeessitu narra deemte je'a,

لَيَقُولَنَّ ذَهَبَ ٱلسَّيِّـَٔاتُ عَنِّىٓ

*Inni saniin wajji akkaan gammadee if guddisa malee , Rabbiif galatan galchu, ni irraanfata,

إِنَّهُۥ لَفَرِحٌ

10}*Inumaa waan Rabbiin isaa kenne kanaan, namatti boona, namni akkanaa kun , warra azaabati.

فَخُورٌ ﴿١٠﴾

*Haa tayuu warri balaa yookaa cinqii isaanitti buuterratti obse, kan Rabbumaatu nutti buusee, isumaatu nufuraa beekhu

إِلَّا ٱلَّذِينَ صَبَرُوا۟

*Kan hoggaa Rabbiin bal'otti isaan baase , waan gaarii dalagan, haqa namaatifii , kan Rabbii eeggatanii

وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

11}*Jarri sun araaramaafii, galata guddaa qaban, sun jannata

أُو۟لَٰٓئِكَ لَهُم مَّغْفِرَةٌ وَأَجْرٌ كَبِيرٌ ﴿١١﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, garii waan ummatatti geessi jennee, sirratti buufnee ,waan isaanitti geessuu dhiiftu fakkaata ,narraan qeebalanii soda'aaf, waan jabeessanii, qabatuu dhabuu, isaanirraa agartuuf,

فَلَعَلَّكَ تَارِكٌۢ بَعْضَ مَا يُوحَىٰٓ إِلَيْكَ

*Ammallee sababaa qur'aana isaanirratti qara'uutif, qalbiin tee, si rakkatti fakkaatta,

وَضَآئِقٌۢ بِهِۦ صَدْرُكَ

أَن يَقُولُواْ لَوۡلَآ أُنزِلَ عَلَيۡهِ كَنزٌ

*Waan ormi qur'aana didu sun,yoo qur` aanni kun waan dhuga'aa kan Rabbiin buuse taye, maalif horiin guddaan, irraa nyaatee nama nyaachisu, isarratti hin buune? Naan je'anii soda'aaf jecha

أَوۡ جَآءَ مَعَهُۥ مَلَكٌۚ

*Takkaa maalif malaaykan isa dhugo`oomsu wajjin dhufin ? je'anii sodaadhaf hoggaa qur'aana irratti qaraatu , qalbiin si rakkatti fakkaatta? haa tayuu hin rakkatinii, waan sirratti buufne hunda isaanitti geessi, akkana naan je'ani'iifii, akkana tayanii, hin sodaatin,

إِنَّمَآ أَنتَ نَذِيرٞۚ

*Wanni sirratti jiru,waan nuti sirratti buufnen isaan sodaachiftee,waan itti geessi siin jenne,isaanitti geessu', waan isaan barbaadanii mitii,wanni isaan nabi muhammadirra barbaadan: yoo ergamaa Rabbii taye, diinaggeen guddoon isarratti bu'uudha, takkaa malaaykan hoggaa nabi muhammad waa dubbate, ee, dhuga', jettee dhugo'oomsitu wajji dhufu, tanaaf Rabbiin waan isaan fedhanii mitii, mukgjiza'an an sirratti buuse itti geessi, dalagaan tee waan Rabbiin buuse itti geessitee, isaan sodaachisu'u, akka jallinarra deebi'an je'een,

وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ وَكِيلٌ ١٢

12}*Rabbiin waa hundarratti wakiilaa wahayyuu quba. qabaa,ni argaa, kan waan inni buuse qeebaleef, galata galcha, kaan ni qixaaxaa

أَمۡ يَقُولُونَ ٱفۡتَرَىٰهُۖ

*Si ormi kuffaaraa sun, qur'aana Rabbiin hin buufnee,muhammadiitu if biraa kaasee je'e je'anii?

قُلۡ فَأۡتُواْ بِعَشۡرِ سُوَرٖ مِّثۡلِهِۦ مُفۡتَرَيَٰتٖ

*Duuba wanni isaanin jettu jettu : mee isin wara afaan arabaa beekhuu, suuraa kudhan ,takkaa suuraa qur'aanaa ,tan waan dabreefii, waan dhufaa taa'u,kan dhuga'aa dubbattu, if biraa kaasaadhaa fidaa ji'iin,

وَٱدۡعُواْ مَنِ ٱسۡتَطَعۡتُم

*Nama yaammatuu dandeessan, kan suuraa khurnan akka suuraa qur'aanaa fidu'urratti isin gargaaru yaammadhaa,

مِّن دُونِ ٱللَّهِ

*Rabbii achitti ,

إِن كُنتُمۡ صَٰدِقِينَ ١٣

13}*Yoo Rabbiin qur'aana kana hin buufne jechuu keessatti, kan dhugaa dubbattan taatan, Rabbiin hoggaa duraa suuraa kudhan fidaa je'een, ammoo eegasii suuraa takkittii fidaa, abbaa feetaniin gargaarsifadha'aa je'een.

فَإِلَّمْ يَسْتَجِيبُوا۟ لَكُمْ

*Duuba yoo warri isin gargaarsifattaniin isin gargaaruu didee,isinii dirmatuu baate,

فَٱعْلَمُوٓا۟

*Beekhaa yaa warra Rabbitti kafare,

أَنَّمَآ أُنزِلَ بِعِلْمِ ٱللَّهِ

*Wanni Muhammadirratti buufame, beekkomsa Rabbiitin buufamee,muhammad if biraan finne,

وَأَن لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ۖ

*Ammallee Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin jiruu beekhaa,

فَهَلْ أَنتُم مُّسْلِمُونَ ﴿١٤﴾

14}*Eega akkatti ragaan qur'aana Rabbiin buusu'uu, isinii mul'atee, hin islaamoytanii ? waan Rabbiin je'u hin dhugo'oomsitanii? amanaa jechu'.

مَن كَانَ يُرِيدُ ٱلْحَيَوٰةَ ٱلدُّنْيَا وَزِينَتَهَا

*Namni jiruu addunya'aatifii ,faaya isiidhaa fedhu,kan aakhiraa hin dhugo'oomsine

نُوَفِّ إِلَيْهِمْ أَعْمَٰلَهُمْ فِيهَا

*Addunyaa tana keessatti ,galata yookaa sawaaba dalagaa gaarii isaan dalaganii,isaanif kennina, akka yoo sadaqatan rizqii isaanii heddommeyu'uu, takkaa addunyaa itti bal'isu'uu, akka yoo rahgima ifitti qaban umrii isaanii dheeressee itti bal'isu'uu,

وَهُمْ فِيهَا لَا يُبْخَسُونَ ﴿١٥﴾

15}Isaan addunyaa tana keessatti,waa takka galata dalagaa isaanirraa,duraan ir'atu .

أُو۟لَٰٓئِكَ

*Jarri akkatti kufri'irratti hafee addunyaa maraxatee waan fedhu argate sun,

ٱلَّذِينَ لَيْسَ لَهُمْ فِى ٱلْءَاخِرَةِ إِلَّا ٱلنَّارُ ۖ

*Warra aakhira'atti ibidda malee, waan biraan qabne,

وَحَبِطَ مَا صَنَعُوا۟ فِيهَا

*Wanni isaan dalagan aakhira'atti duraa badde, sawaaba irrattin argatan,

وَبَٰطِلٌ مَّا كَانُوا۟ يَعْمَلُونَ ﴿١٦﴾

16}*Wanni gaarin isaa addunya'arratti dalagan hundi waan bada'a, kan sawaaban qabne, waan sharxiin dalagaan fayyaa taatun dhabamteef jecha,sharxiin, yookaa kharaan dalagaa gaarii addunya'arratti dalaganirratti sawaaba argataniin Rabbitti amanu', Rabbii addunya'aa aakhiraa uume dhugo'oomsu'u.

أَفَمَن كَانَ عَلَىٰ بَيِّنَةٍ مِّن رَّبِّهِۦ

*Si namni karaa ifa'arratti jiru, kan ifaa Rabbii harkaa qabu? ifaan qur'aanaa, namni ifaa harkaa qabu nabi muhammadiifii, warra isatti amanee,

وَيَتْلُوهُ شَاهِدٌ مِّنْهُ

*Kan ragaan Rabbii,kan isa dhugo`oomsu

duuba jiru, ragaan Rabbii kan nabi muhammad, yookaa qur'aana dhugo'oomsu, kan itti aanu takkaa jala deemu jibriili {yatluu} jechuun; itti aanu jechu'u,

وَمِن قَبۡلِهِۦ كِتَٰبُ مُوسَىٰٓ

*Kan ammallee kitaabni nabi muusa'aa kan qur'aana dura buufame,

إِمَامٗا

*Waan diina'aa keessatti kharaa nama qajeelcha'aa, sun towraatii,

وَرَحۡمَةًۚ

*Warra isaanirratti buufameef rahgmata taya'aa, akka nabi muhammad ergamaa Rabbii kan qur'aanni irratti bu'e taye ragaa bayuufii,namni akkas hin tayin wahi akka tokko tayaa? hin tayu jechu ,namni kharaa jallinarra jiruufii kuun wal qixaa miti jechu',

أُوْلَٰٓئِكَ يُؤۡمِنُونَ بِهِۦۚ

*Warri ifaa Rabbii harkaa qabu,nabi muhammadiifii warri isaa jala deeme, qur'aanatti amanan, waan inni je'u ni dhugo'oomsanii, jannataatu isaanii qophaaye,

وَمَن يَكۡفُرۡ بِهِۦ مِنَ ٱلۡأَحۡزَابِ

*Orma kuffaararraa namni qur'aana morome, itti kafare,

فَٱلنَّارُ مَوۡعِدُهُۥۚ

*Ibiddi azaabaa, bakka inni itti deebi'u, takkaayuu itti bu'u,

فَلَا تَكُ فِي مِرۡيَةٖ مِّنۡهُۚ

*Qur'aana kana hin shakkin,

إِنَّهُ ٱلۡحَقُّ مِن رَّبِّكَ

*Inni waan dhuga'aati, kan Rabbii keetirraa sii dhufe,

وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يُؤۡمِنُونَ ١٧

17}*Haa tayuu irra hedduun namaa hin amanu.

وَمَنۡ أَظۡلَمُ مِمَّنِ ٱفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًاۚ

*Eenyu namni nama Rabbiin hiriyaa qaba , takkaa ilmoo qaba je'ee, kijiba Rabbirra kaayerra dilii hojjate ? kan isarra hojjate hin jiru jechu ,

أُوْلَٰٓئِكَ

*Jarri kijiba Rabbirra kaaye sun, Rabbiin shariika yookaa masaanuu qaba, takkaa ilmoo qaba je'anii,

يُعۡرَضُونَ عَلَىٰ رَبِّهِمۡ

*Guyyaa qiyaama'aa Rabbirra fidaman, gaafatamu'uu jecha ,

وَيَقُولُ ٱلۡأَشۡهَٰدُ

*Duuba warri ragaa isaanirratti bayu, malaaykonni Rabbii, akki je'u,

هَٰٓؤُلَآءِ ٱلَّذِينَ كَذَبُواْ عَلَىٰ رَبِّهِمۡۚ

*Jarri kun, warra kijiba Rabbii isaanirra kaaye,

أَلَا لَعۡنَةُ ٱللَّهِ عَلَى ٱلظَّٰلِمِينَ ١٨

18}*Abaarsi Rabbii warra hiriyaa Rabbiif godherratti haa jiraatu.

ٱلَّذِينَ يَصُدُّونَ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Warra karaa Rabbii,diinaa isarraa nama dhoowwu,

وَيَبْغُونَهَا عِوَجًا

*Kan karaa islaamaa jallinaan barbaadan

akkaataa hama'aan namatti odeessanii, akka namni irraa dheysu godhu'uu je-cha , akka qeessonni owroopha'aa orma kiristaanaa islaamarraa dhoowwu'uu je-cha, islaamni akkana, ormi islaamaa akkana, je'anii waan hamtu'uun itti ode-essanitti,

وَهُم بِٱلْـَٔاخِرَةِ هُمْ كَٰفِرُونَ ﴿١٩﴾

19}*Jarri karaa Rabbirraa nama dhoowwu, kan islaama akka malee namatti mul'isu sun,warra aakhira'atti kafare,kan guyyaan boruu ni dhufaa hin dhugo'oomsine.

أُو۟لَٰٓئِكَ لَمْ يَكُونُوا۟ مُعْجِزِينَ فِى ٱلْأَرْضِ

*Jarri sun addunyaa tanarratti Rabbiin da-dhabsiisan,bakka qixaaxa Rabbii jalaa itti bayan hin qaban,

وَمَا كَانَ لَهُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ مِنْ أَوْلِيَآءَ

*Ammaallee Rabbii achitti nama isaanii dir-matu kan qixaaxa Rabbii isaanirraa dhoo-wwu hin qaban,

يُضَٰعَفُ لَهُمُ ٱلْعَذَابُ ۚ

*Jara san azaabni dacha dachaa isaanif go-dhama, waan isaan ifii jallatanii, nama bir-allee jallisaniif jecha,

مَا كَانُوا۟ يَسْتَطِيعُونَ ٱلسَّمْعَ

*Jarri sun,kufrummaan isaanii jabaatuu kee-ssa ,haqa dhagayuu inuma hin dandayan, ta-kkaa warra haqa dhagayuu dandayu hin taane ,

وَمَا كَانُوا۟ يُبْصِرُونَ ﴿٢٠﴾

20}*Ammallee haqa jibbuu keessa, haqa innni hin argan yookaa warra argun taane.

أُو۟لَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ خَسِرُوٓا۟

*Jarri sun,warra lubbuu isaanii balleesse , takkaayuu khasaare, waan qixaaxa zalaala-mi'ii mudataniif jecha

أَنفُسَهُمْ وَضَلَّ عَنْهُم مَّا كَانُوا۟ يَفْتَرُونَ ﴿٢١﴾

21}*Wanni isaan addunyaa tanarratti kijiba-nii, Rabbiin hiriyaa qaba je'anii, Rabbii achi-tti gabbaran hundi harkaa baddee, waa takka isaan hin fayyaddu.

لَا جَرَمَ أَنَّهُمْ فِى ٱلْـَٔاخِرَةِ هُمُ ٱلْأَخْسَرُونَ ﴿٢٢﴾

22}*Akka jarri sun aakhira'atti nama hun-darra akkaan khasaarame shakkiin hin jiru, {jarama} jechuun: haqumaan takkaa shak-kiin hin jiru jechu.

إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Warri Rabbitti amanee waan gaarii dalage,

وَأَخۡبَتُوٓاْ إِلَىٰ رَبِّهِمۡ

*Kanneen gara Rabbii isaanii deebi'anii ibaadaa isatti maxxanan,

أُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلۡجَنَّةِۖ هُمۡ فِيهَا خَٰلِدُونَ ٢٣

23}*Isaan warra jannataati,zalaalamii jannata keessa taa'an.

مَثَلُ ٱلۡفَرِيقَيۡنِ

*Warra Rabbitti kafareefii, warra Rabbitti amane yoo wal maddii qabnee laalle, wanni itti fakkeeffaman,

كَٱلۡأَعۡمَىٰ وَٱلۡأَصَمِّ

*Kaafirri nama ballaa,yookaa jaamaa waan garre, ammallee duudaa waan dhageenye fakkaata,

وَٱلۡبَصِيرِ وَٱلسَّمِيعِۚ

*Ammoo mu'minni wanni fakkaatu nama waa argu,kan waa dhagayu,akkana jechuun; kuffaarri haqan argu, hin dhagayu, ammoo mu'minni haqa ni argaa, ni dhagayaa jechu' ,

هَلۡ يَسۡتَوِيَانِ مَثَلًاۚ

*Duuba kaafiraafii,mu'minni fakkeessaa keessatti,wal qixxaayanii? hin qixxaayan jechu'

أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ٢٤

24}*Si akka wal qixan tayin beytanii gorfamtanii hin qajeeltanii?

وَلَقَدۡ أَرۡسَلۡنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوۡمِهِۦٓ

*Nabiyyicha nuuhg je'amu dhugumaan ummata isatti erginee jirra,

إِنِّي لَكُمۡ نَذِيرٞ مُّبِينٌ ٢٥

25}*Duuba iiti ergamnaan wanni je'een: yaa ummata kiyya,an nama dirree baasee isin qajeelchu.

أَن لَّا تَعۡبُدُوٓاْ إِلَّا ٱللَّهَۖ

*Rabbii tokkicha malee,waan biraan ibaadinaa je'ee,

إِنِّيٓ أَخَافُ عَلَيۡكُمۡ عَذَابَ يَوۡمٍ أَلِيمٖ ٢٦

26}*Yoo diddanii Rabbii achitti nama biraa,yookaa waan biraa ibaaddan, azaabni guyyaa jabaa, azaabni isa keessa namatti bu'u, kan akkaan nama laalessu isinitti bu'uudhan sodaadha, azaabni isin laalessu addunya'aa aakhira'atti isinitti bu'uudhan sodaadha jechu.

فَقَالَ ٱلۡمَلَأُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِن قَوۡمِهِۦ

*Duuba inni akkas jennaanin,ummata isarraa warri gurguddaan,ija nama guutu hayoonni, Rabbitti kafare,akki nabi nuuhgin je'e:

مَا نَرَىٰكَ إِلَّا بَشَرٗا مِّثۡلَنَا

*Yaa nuuh ati namuma akka keenyaa tayuu

kee malee, waan ati nurra caaltun hin agarree, akkamitti sitti amanna ? maalif mootii takkaa malaaykaa hin tayin, yoo haa natti amananii feete,

وَمَا نَرَىٰكَ ٱتَّبَعَكَ إِلَّا ٱلَّذِينَ هُمْ أَرَاذِلُنَا بَادِيَ ٱلرَّأْيِ

*Ammas nama sitti amanee ,si jala deemu ,nama jalee,yookaa darree,waan arge,odoo ifirraa dubbiin laalle itti seenu malee,nama biraa kan sitti amanu hin agarru,

وَمَا نَرَىٰ لَكُمْ عَلَيْنَا مِن فَضْلٍ

*Siifii,warri sitti amane, waan nurra caaltaniin hin agarru, kan sanii jecha isin jala deemuu keenya haqa godhattaniif,

بَلْ نَظُنُّكُمْ كَٰذِبِينَ ﴿٢٧﴾

27}*Inumaa isin waan jettan keessatti kijiboota tayuu isin seene, ni kijibda malee ati ergamaa Rabbiitii miti,jechuu isaanitti.

قَالَ يَٰقَوْمِ

*Jennaan nabi nuuhg akki je'een:yaa ummata kiyya,

أَرَءَيْتُمْ

*Mee naa odeessaa mee maal jettan,

إِن كُنتُ عَلَىٰ بَيِّنَةٍ مِّن رَّبِّي

*Yoo karaa ifaa Rabbiin, na qajeelcherra jiraadhee,

وَءَاتَىٰنِي رَحْمَةً مِّنْ عِندِهِۦ

*Rabbiin nabiyyummaa if biraa naa kenne,

فَعُمِّيَتْ عَلَيْكُمْ

*Duuba wanni sun isinirraa dhokhattee, akkan an ergamaa Rabbii taye beekhuu baattan,

أَنُلْزِمُكُمُوهَا

*Si nuti waan san qeebalu'utti isin dirqinaa? takkaa isin giddinaa?

وَأَنتُمْ لَهَا كَٰرِهُونَ ﴿٢٨﴾

28}*Odoo isin jibbitanuu,isin dirquun dandeenyu jechu'.

وَيَٰقَوْمِ لَآ أَسْـَٔلُكُمْ عَلَيْهِ مَالًا

*Ammas akki je'een: yaa ummaata kiyya, an karaa Rabbitti isin yaamuu kanarratti horii isin hin khadhadhu, waa takka isinirraan barbaadu,

إِنْ أَجْرِيَ إِلَّا عَلَى ٱللَّهِ

*Galanni kiyya yookaa sawaabni kiyya nama biraatii mitii Rabbuma kiyyarra naa jira, isumaatu galata naa galcha,

وَمَآ أَنَا۠ بِطَارِدِ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟

*An warra Rabbitti amane, kan isin if biraa ari'i naan jettan san, nama if biraa ari'uu miti,

إِنَّهُم مُّلَٰقُوا۟ رَبِّهِمْ

*Isaan eega du'anii kha'aniiti Rabbii isaanii arganii, duuba Rabbiin nama isaan miidherraa haqa isaanii fuudhafii akkamittan nama

akkanaa if biraa ari'a,

وَلَٰكِنِّيٓ أَرَىٰكُمۡ قَوۡمٗا تَجۡهَلُونَ ٢٩

29}*Haa tayuu an waanin argu, yaa ummata kiyya akka isin warra hegeree teessan ,waan isinitti as deemu hin beyne taatan.

وَيَٰقَوۡمِ مَن يَنصُرُنِي مِنَ ٱللَّهِ

*Nabi nuuhg ummata isaatin akki je'e ; yaa ummata kiyya eenyu namni naa tumsee, azaaba Rabbii jalaa na baasu?

إِن طَرَدتُّهُمۡۚ

*Yoonan warra natti amane, kan isin tuffattan if biraa ari'e, akka isin narra barbaadanitti, namni azaaba Rabbii narraa eegu hin jiru jechu,

أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ٣٠

30}*Isin akkana beytanii hin gorfamtanii? yaada bada'arraa hin deebitanii?

وَلَآ أَقُولُ لَكُمۡ عِندِي خَزَآئِنُ ٱللَّهِ

*Ammas yaa ummata kiyya bakkeen Rabbiin rizqii irraa namaa hiru nabira jirtii,an dureessa isiniin hin je'u,

وَلَآ أَعۡلَمُ ٱلۡغَيۡبَ

*Ammallee an waan dhufaa jiru kan qalbii namaa keessa jiru nan beeka isiniin hin je'u ,

وَلَآ أَقُولُ إِنِّي مَلَكٞ

*Ammallee an malaaykaadha isiniin hin je'u,an namumaa laaltaniiti gartanii,

وَلَآ أَقُولُ لِلَّذِينَ تَزۡدَرِيٓ أَعۡيُنُكُمۡ

*Ammas warra isin arga`aan tuffattaniin hin je'u ; warra natti amane, kan na jala deemun hin je'u,

لَن يُؤۡتِيَهُمُ ٱللَّهُ خَيۡرًاۖ

*Rabbiin addunya'aa aakhira'atti kheyrii isiniin kennu hin je'u, isin jaalchisu'uu jecha, akkanatti firdii yookaa murtii isaanittin godhu,

ٱللَّهُ أَعۡلَمُ بِمَا فِيٓ أَنفُسِهِمۡۖ

*Rabbiin waan garaa isaanii keessa jiru ni beekhaa, namuufuu akka yaada isatti waan kennuuf kennaa, an nama natti amane gubbuma isaa yookaa waanuma isarraa naa mul'atun laalaa , waan qalbii isaa keessa jiru Rabbittin dhiisa isaatu waan qalbii namaa keessa jiru beekhaa,

إِنِّيٓ إِذٗا

*An yoonan waanan isiniin hin je'u san je'e, yookaa dalage,

لَّمِنَ ٱلظَّٰلِمِينَ ٣١

31}*Warra Rabbitti balleessee cubbuu dalagerraayi.

قَالُواْ يَٰنُوحُ قَدۡ جَٰدَلۡتَنَا

*Jennaanin akki je'aniin; yaa nuuhg ati nuun moromtee,

فَأَكۡثَرۡتَ جِدَٰلَنَا

*Moromaa yookaa falamaa teenya heddumeysitee,

فَأۡتِنَا بِمَا تَعِدُنَآ

*Mee waan nuun sodaachiftu san nutti fidi, azaaba yoo kafartan isinitti bu'a jettu san, nutti buusi,

إِن كُنتَ مِنَ ٱلصَّٰدِقِينَ ٣٢

32}*Yoo warra dhugaa dubbaturraa taate , waan nuun jettu keessatti.

قَالَ

*Jennaanin nabi nuuhg akki isaanin je'e;

إِنَّمَا يَأۡتِيكُم بِهِ ٱللَّهُ إِن شَآءَ

*Azaaba yoo kafartan, isinitti bu'u san, Rabbii isin itti kafartan santu, yoo fedhe, isinitti fida malee, anaa mitii,

وَمَآ أَنتُم بِمُعۡجِزِينَ ٣٣

33}*Isin bakka Rabbi jalaa itti baatan takkaa azaaba isaa jalaa itti dheysitan hin qabdan.

وَلَا يَنفَعُكُمۡ نُصۡحِيٓ إِنۡ أَرَدتُّ أَنۡ أَنصَحَ لَكُمۡ

*Yaa ummata kiyya yoonan isin gorsee isin qajeelchuu fedhe,gorsi kiyya isin hin fayyadu, isin hin qajeelchu,

إِن كَانَ ٱللَّهُ يُرِيدُ أَن يُغۡوِيَكُمۡ

*Yoo Rabbiin kan isin jallisuu fedhe taye ,waan inni fedhe malee wanni birraa hin taatuu,

هُوَ رَبُّكُمۡ

*Inni Rabbii keessan kan isn uumee garaa

haadha teessanii keessatti isin tottooyatee, eega dhalattaniiyis hanga duutanitti, waan nyaattanii dhuydanii keessa galtanii ittin jiraattan, isinii godhe,

وَإِلَيۡهِ تُرۡجَعُونَ ٣٤

34}*Kan eega duutanii kaafamtanii gara isaa deeffamtan, gaafatamu'uu jecha.

أَمۡ يَقُولُونَ ٱفۡتَرَىٰهُۖ

*Si kuffaarri makkaa qur'aana kana Rabbiin hin buufnee, muhammadumaatu kijibaan if biraa kaasee dubbate je'anii?

قُلۡ إِنِ ٱفۡتَرَيۡتُهُۥ

*Duuba yaa ergamaa kiyya muhammad, yoo isaan akkas siin je'an,akki jettuun; yoon kanin kijiba Rabbirra kaayu taye, sun dilii guddoodhaa,

فَعَلَيَّ إِجۡرَامِي

*Qixaan'i dilii tiyyaa anumarra jira isin hin gayu,isin irraa qulqulluudhaa,

وَأَنَا۠ بَرِيٓءٞ مِّمَّا تُجۡرِمُونَ ٣٥

35}*Anis dilii,yookaa cubbuu isiin dalaydanirraa qulqullu', namuu waanuma ifii dalagerraa gaafatamaa, maalif na dura dhaabbattan ji'iin.

وَأُوحِيَ إِلَىٰ نُوحٍ

*Nabi nuuhgin bara meeqaatam ummata isaa karaa Rabbitti yaamee,duuba dura dha-abbatanii,waan inni dhufeen qeebaluu dida-nitti ergaan Rabbirraa ergamtee, akki isaan je'ame,

أَنَّهُۥ لَن يُؤْمِنَ مِن قَوْمِكَ إِلَّا مَن قَدْ ءَامَنَ

*Yaa nuuhg ummata keetirraa warra, tanaan dura sitti amane malee, namni biraa sittin amanuu,

فَلَا تَبْتَئِسْ

*Hin rifatin, hin yaaddayinis,

بِمَا كَانُوا۟ يَفْعَلُونَ ﴿٣٦﴾

36}*Waan isaan dalaganiif hin yaaddawin kufriin isaan Rabbitti kafaran,sin rifachiisin, isaan fixu'uuf jiraannaa duuba kan zamana dheeraa bara dhibba sagalii ol gayu, isaan keessa taa'ee jiru,nama xiq-qaa malee itti amanuu dinnaan, yaa Rabbi ummanni kun kuffaara maleen dhalu , kuffaara lafarraa fixi je'ee, nabi nuuhg warra isatti amanuu dide abaare, abaarran Rabbiin irraa qeebalee, akki je'een;

وَٱصْنَعِ ٱلْفُلْكَ

*Safiinaa, takkaa sanbuuqa tolchi,

بِأَعْيُنِنَا

*Odoo nuti si garruu, ammallee si eeynuu,

وَوَحْيِنَا

*Ammallee amrii teenyan takkaa ajaja keenyan tolchi,

وَلَا تُخَٰطِبْنِى فِى ٱلَّذِينَ ظَلَمُوٓا۟ ۚ

*Warra kafare san hin belleessin, jettee nan dubbisin,

إِنَّهُم مُّغْرَقُونَ ﴿٣٧﴾

37}*Isaan warra bishaan liqimsuu.

وَيَصْنَعُ ٱلْفُلْكَ

*Duuba akkasitti nabi {nuuhg} safiinaa tol-chu'utti seenee, safiinaa tolcha,

وَكُلَّمَا مَرَّ عَلَيْهِ مَلَأٌ مِّن قَوْمِهِۦ

*Ormi gurguddaan kuffaaraa, kan ummata isaa, hoggaa isaa safiinaa tolchu argan, tak-kaa isaa safiinaa tolchurraa dabran hunda ,

سَخِرُوا۟ مِنْهُ ۚ

*Ni xiqqeessan, duraan an ergamaa Rabbiiti jettaa amma muka soqu'utti deebitee ? je'a-niiti itti koflan,

قَالَ إِن تَسْخَرُوا۟ مِنَّا

*Hoggaa san nabi {nuuhg} akki je'een; yoo isin akkana jettanii kan nutti kofaltan taatan, takkaa nu xiqqeessitan taatan

فَإِنَّا نَسْخَرُ مِنكُمْ كَمَا تَسْخَرُونَ ﴿٣٨﴾

38}*Nutis isinitti koflu'uu teenya, gaafa saf-iinaa tanaan bishaan jalaa baanee, isin bish-aanin dhumtan.

فَسَوْفَ تَعْلَمُونَ مَن يَأْتِيهِ عَذَابٌ يُخْزِيهِ

*Duuba gaafas nama azaabni isa xiqqeessu itti dhufu beekhu'uuf jiraattan

وَيَحِلُّ عَلَيْهِ عَذَابٌ مُّقِيمٌ ﴿٣٩﴾

39}*Ammallee nama azaabni yookaa qixa-an'i zalaalami'ii itti bu'u,beekhu'uuf teessan je'een, sun azaaba aakhira'aatii.

حَتَّىٰٓ إِذَا جَآءَ أَمْرُنَا

*Hanga azaabni yookaa waytiin azaabni orma kuffaaraa sanitti bu'u geessee,

وَفَارَ ٱلتَّنُّورُ

*Bishaan bakka biddeena itti buusan eeloo

takkaa qibaaba jalaan burqetti, nabi nuuhg safiinaa qopheessuu ture, qibaabni sun kan hawwaa haadha teenyati, Rabbiin bishaan dhagaa yookaa qibaaba san jalaa bayu alaamaa, yookaa akeekkaa azaabni bu'uudhati godheef,

قُلْنَا ٱحْمِلْ فِيهَا مِن كُلٍّ زَوْجَيْنِ ٱثْنَيْنِ

*Duuba hoggaa bishaan qibaaba san jalaan burquu jalqabe, nabi nuuhgin akki jenne; waan lubbuu qabu hundarraa qindii, dhal-a'aa dhiira fuudhii, saafiina'atti naqi,

وَأَهْلَكَ

*Ammallee warra kee safiinaa yaabbachisi,

إِلَّا مَن سَبَقَ عَلَيْهِ ٱلْقَوْلُ

*Warra keetirraa , nama Rabbiin haa bisha-

anin baduu je'ee dabarse malee, waan inni kufrii maraxateef, sun ilma isaa kan {kankgaan} je'amuu, ammoo ilmaan nabi nuuhg sadeen kuun; saamifii ,hgaamifii,yaafis,ammallee beerri isaanii, warra safiina'aan bishaan jalaa baye,

وَمَنْ ءَامَنَ ۚ

*Ammallee nama sitti amane safiinaa yaab-bachiisi jenneen,

وَمَآ ءَامَنَ مَعَهُۥٓ إِلَّا قَلِيلٌ ﴿٤٠﴾

40}*Nama xiqqaa malee nabi nuuhgin wajji

Rabbittin amanne,akka gariin je'anitti namni wajji amane dhiira nama jahaafii beera isaaniti, ammoo gariin akki je'u; walii galli nama safiinaa yaabbatee, na-ma saddeettama , cinaan dhiiraa cinaan dhala'a, kan jaartin nabi nuuhgifii ilm-aan isaa sadeen {saamifii hgaamifii yaafisii} beerri isaanii jara saddeettamm-anirraa lakkaawaman.□

۞وَقَالَ ٱرْكَبُوا۟ فِيهَا

*Nabi nuuhg safiinaa jaaree fin'aan, safiinaa yaabbadhaa je'ee, warra isatti amane ajaje,

بِسْمِ ٱللَّهِ مَجْرٖىٰهَا

*Duuba safiinan hoggaa bishaan,lafaa bayee , sami'ii bu'ee, dachii guutu, bishaan gubba-'arratti baatee deemte,maqaa Rabbiitin,

وَمُرْسَىٰهَا ۚ

*Ammallee maqaa Rabbiitin dhaabbatti

akkana jechuun; nabi{ nuuhg } hoggaa safiinaa deemsisuu fedhe,{bismillaahi} je'aa numa deemti,yoo dhaabuu fedhe,{bismillaahi} je'aa numa dhaabbatti

,{majreehaa}jechuun:deeminsi isi'ii jechu', {mursaahaa} jechuun: dhaabbatiinsi isiidhaa jechu' ,

إِنَّ رَبِّي لَغَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿٤١﴾

41}*Rabbiin kiyya kan namaa araaramee , rahgmata namaa godhu, kan warra bishaan fixe saniin wajji nun fixin, je'e nabi nuuhg.

وَهِيَ تَجْرِي بِهِمْ فِي مَوْجٍ كَالْجِبَالِ

*Safiinan sun,danbalii bishaanii, yookaa bishaan lafa guutee, akka gaaratti lafarraa ol ka'e keessa, yookaa gubbaa, isaanin deemti,

وَنَادَىٰ نُوحٌ ابْنَهُ

*Nabi nuuhg hoggaa nama safiinaa yaabbachiisu, ilma isaa kan {kankgaan} je'amutti lalabee, akki je'een;

وَكَانَ فِي مَعْزِلٍ

*Ilmi isaa hoggaa san safiina'arraa fagoo jiraa,

يَا بُنَيَّ ارْكَب مَّعَنَا

*Yaa ilma kiyya koottuu safiinaa tana, nu wajiin yaabbadhu,akka bishaan jalaa baatu,

وَلَا تَكُن مَّعَ الْكَافِرِينَ ﴿٤٢﴾

42}*Yaabbatuu diddee,warra kafareen wajji hin tayin, yookaa hin hafin, bishaantu si nyaataa je'een.

قَالَ سَآوِي إِلَىٰ جَبَلٍ يَعْصِمُنِي مِنَ الْمَاءِ ۚ

*Jennaanin akki je'e; gaara dheeraa bishaan narraa dhoowwun khoraa, yookaa dhaqaa, bishaan hin sodaadhuu je'een,

قَالَ لَا عَاصِمَ الْيَوْمَ مِنْ أَمْرِ اللَّهِ

*Jennaan nabi nuuhg akki ilma isaatin je'e ; yaa ilma kiyya wanni ar'a, azaaba Rabbii jalaa nama baasu,kan bishaan namarraa dhoowu hin jiru,

إِلَّا مَن رَّحِمَ ۚ

*Nama Rabbiin rahgmata godheefii jalaa baase malee,

وَحَالَ بَيْنَهُمَا الْمَوْجُ

*Duuba oduma nabi nuuhgifii, ilmi isaa akkatti walitti dubbatanuu, bishaan utaalu,kan danbalii je'aniin isaan lamaan jidduu seenee, addaan kute, yookaa adda baase,

فَكَانَ مِنَ الْمُغْرَقِينَ ﴿٤٣﴾

43}*Akkasitti ilmi {nuuhg}{kankgaan} warra bishaan addunyaa tana guute sun, liqimserraa taye.

وَقِيلَ يَا أَرْضُ ابْلَعِي مَاءَكِ

*Duuba eega bishaan dachi`ii burqee sami`ii dhangala'ee, lafa guutee warra safiina'arra jiru malee nama kaan lafarraa fixee, wanni dachi'iin je'ame, kan Rabbiin isi'iin je'e; yaa dachii bishaan kee,kan si keessaa baye liqimsi,duuba liqimsitee bishaan sun lagootii taye ,

وَيَٰسَمَآءُ أَقۡلِعِي

*Yaa samii bishaan kee qabadhu, rooba dhaabi, je'een,

وَغِيضَ ٱلۡمَآءُ

*Akkasitti bishaan addunyaa guute, ir'atee ,

وَقُضِيَ ٱلۡأَمۡرُ

*Wanni Rabbii fedhe taate ,

وَٱسۡتَوَتۡ عَلَى ٱلۡجُودِيِّۖ

*Hoggaa gaarri juudiyyii je`amu tokko bi-

shaan irraa gad deebi'anii, mul'atu, safiinan duraan bishaanirra olii gad deemtu gaara sanirra teesse,yookaa dhaabbatte,gaarri {juudiyyii} je'amu ; {iraaq} biyya {muusil} je'amtutti dhiyo'o,

وَقِيلَ بُعۡدٗا لِّلۡقَوۡمِ ٱلظَّٰلِمِينَ ٤٤

44}*Wanni je'ame; warri Rabbitti kafare, haa baduu, rahgmata Rabbirraa haa fagaatuu.

وَنَادَىٰ نُوحٞ رَّبَّهُۥ فَقَالَ

*Nabi nuuhg hoggaa isaafii ilma isaa jidduu bishaan seene, Rabbii isaa yaamee akki je'e,

رَبِّ إِنَّ ٱبۡنِي مِنۡ أَهۡلِي

*Yaa Rabbi ilmi kiyya {kankgaan}warra kiyya, kan nagayan isaan godha, jettee baallama naa seenterraayi,

وَإِنَّ وَعۡدَكَ ٱلۡحَقُّ

*Baallamni kee haqaa, hin diigamuu,

وَأَنتَ أَحۡكَمُ ٱلۡحَٰكِمِينَ ٤٥

45}*Ati irra caalaa, takkaayuu irra beekhaa warra haqaan firdii godhuutii, ilma kiyya naa dhaqqabi je'ee Rabbitti iyyate.

قَالَ يَٰنُوحُ إِنَّهُۥ لَيۡسَ مِنۡ أَهۡلِكَۖ

*Jennaanin Rabbiin akki je'een; ilmi kee kun, nama kee kan nagaya bayurraayii miti, inni diinaa keetirra hin jiruu,

إِنَّهُۥ عَمَلٌ غَيۡرُ صَٰلِحٖۖ

*Inni nama dalagaa hamtuu dalage, siitu hin beyne malee, takkaa inni dalagaa hamtu'u ,

فَلَا تَسۡـَٔلۡنِ مَا لَيۡسَ لَكَ بِهِۦ عِلۡمٌۖ

*Tanaaf jecha waan hin beyne, nan gaafatin,

إِنِّيٓ أَعِظُكَ أَن تَكُونَ مِنَ ٱلۡجَٰهِلِينَ ٤٦

46}*An waan hin beyne na gaafattee , warra waan beynerraa tayu'urraan si dhowwaa , waan kadhatuun hin geenye, na khadhatte jennaanin.

قَالَ رَبِّ إِنِّيٓ أَعُوذُ بِكَ أَنۡ أَسۡـَٔلَكَ مَا لَيۡسَ لِي بِهِۦ عِلۡمٞۖ

*Yaa Rabbi waanin hin beyne si khadhatu'urraan sitti maganfadhaa,

وَإِلَّا تَغۡفِرۡ لِي وَتَرۡحَمۡنِيٓ أَكُن مِّنَ ٱلۡخَٰسِرِينَ ٤٧

47}*Yoo waan hamtuu narraa argamte, naa araaramtee, rahgmata naa godhuu baatte, warra khasaaramerraayin tayaa, naa araar-

amii, rahgmata naa godhi,je'ee nabi nuuhg Rabbi khadhate.

*Nabi nuuhg eega safiinaa yaabbatee, warra isaan wajji amaneen wajji bishaan jalaa beyee, bishaan citee, dachiin gogg-oyde, wanni isaan je'ame,yaa nuuhg nagaya keenyan wajji safiina'arraa bu'i, sii wanni si jibbisiisu sittin argamne,

قِيلَ يَٰنُوحُ ٱهۡبِطۡ بِسَلَٰمٖ مِّنَّا

*Ammallee sii barakaan itti dhangalaatu safiinaadharraa bu'i,

وَبَرَكَٰتٍ عَلَيۡكَ

*Ammallee kan barakaan warra si wajjiin jirurratti jiraattu, warri isaan wajji jiru, warra safiinaa isaan wajji yaabbate, takkaa nama islaamaa hunda,

وَعَلَىٰٓ أُمَمٖ مِّمَّن مَّعَكَۚ

*Ammoo warra si wajjin jirre kuffaara add-unya'arratti qananiisu'uuf jiraanna,

وَأُمَمٞ سَنُمَتِّعُهُمۡ

48}*Orma kuffaaraa,kan addunya'arratti qa-naniifne san, azaabni isaan laalessu aakhir-a'atti isaan tuqu'uuf jiraata, zalaalamii ibidda keessa taa'uudhan.

ثُمَّ يَمَسُّهُم مِّنَّا عَذَابٌ أَلِيمٞ ٤٨

*Qissaan nabi nuuhg, oduu sirraa fago'ootii,

تِلۡكَ مِنۡ أَنۢبَآءِ ٱلۡغَيۡبِ

*Qur'aana keessatti sii odeessina,

نُوحِيهَآ إِلَيۡكَۖ

*Qissaa nabi nuuhg tana, siifii ummanni ke-ettilleen, hin beytan,

مَا كُنتَ تَعۡلَمُهَآ أَنتَ وَلَا قَوۡمُكَ

*Odoo qur'aanni sirrattin bu'in dura,

مِن قَبۡلِ هَٰذَاۖ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad akka nabi nuuhg yaroo dheertuu obsetti atis miidhaa ummata keetirratti obsi,

فَٱصۡبِرۡۖ

49}*Hegereen gaarin,maayyi keessa milkiin ta warra Rabbitti amanee Rabbi sodaateti, kan kufri'iifii dili'irraa fagaatu.

إِنَّ ٱلۡعَٰقِبَةَ لِلۡمُتَّقِينَ ٤٩

*Ummata{aad} je'amutti obboleessa isaanii {huud} ergine, aad warra waan Rabbiin ta-yin gabbaru,

وَإِلَىٰ عَادٍ أَخَاهُمۡ هُودٗاۚ

*Nabi{huud}jara sanitti isa erginaan wanni isaanin je'e; yaa orma kiyya tokkummaa Rabbii yaadaa ,dhaga'aafii, mukaan, amma-llee namaafii jinni'iin, Rabbin je'inaa,

قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ

*Rabbii tokkicha isin uume malee Rabbiin biraa isiniif hin jiruu, Rabbiin hiriyaa yookaa fakkaataan qabuu,

مَا لَكُم مِّنْ إِلَٰهٍ غَيْرُهُۥٓ

50}*Isin Rabbiif fakkaataa godhu'uun, waan hin jirre dalaydan malee, waan jiruu miti.

إِنْ أَنتُمْ إِلَّا مُفْتَرُونَ ﴿٥٠﴾

*Yaa ummata kiyya diinaa Rabbii isin barsiisu'urratti waa naa kennaa isiniin hin je'u, yookaa isin hin khadhadhu,

يَٰقَوْمِ لَآ أَسْـَٔلُكُمْ عَلَيْهِ أَجْرًا

*Ajriin yookaa bu'aan tiyya , wannin an diinaa isin barsiisu'urratti argadhu, nama biraa mitii, Rabbii na uumerra naa jirti, {faxara} jechuun; uume jechu,

إِنْ أَجْرِىَ إِلَّا عَلَى ٱلَّذِى فَطَرَنِىٓ

51}*Si aqliidhan laaltanii, haqan beeytanii?.

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿٥١﴾

*Yaa ummata kiyya Rabbitti waa qindeesuudharraa deebi'aadhaa,araara Rabbii keessanirra barbaaddadhaa,

وَيَٰقَوْمِ ٱسْتَغْفِرُوا۟ رَبَّكُمْ

*Dilii xixiqqoo hunda dhiisa'aa,gara isaa deebi'aa,

ثُمَّ تُوبُوٓا۟ إِلَيْهِ

*Yoo waanan isiniin je'u dhageessan, Rabbiin rooba isinii heddommeeysaa,

يُرْسِلِ ٱلسَّمَآءَ عَلَيْكُم مِّدْرَارًا

*Ammaallee Rabbiin humna isin qabdanirratti humna biraa isinii dabalee ilmaanifii horii isinii heddommeeysaa,

وَيَزِدْكُمْ قُوَّةً إِلَىٰ قُوَّتِكُمْ

52}*Haqarraa garangalinaa, kufri'irratti diddanii, ni khasaaramtanii.

وَلَا تَتَوَلَّوْا۟ مُجْرِمِينَ ﴿٥٢﴾

*Rabbiin nabi huud ummata{aad} je'amutti ergee Rabbitti amanaa jennaanin akki je'an; yaa {huud} waan jetturratti ragaa adii, mul'atuun, nuttin dhufnee,

قَالُوا۟ يَٰهُودُ مَا جِئْتَنَا بِبَيِّنَةٍ

*Nuti waan ati jettuu jennee,waan Rabbii achitti ibaannu, yookaa gabbarru, hin dhiifnuu,

وَمَا نَحْنُ بِتَارِكِىٓ ءَالِهَتِنَا عَن قَوْلِكَ

53}*Nuti sin dhugo'oomsinu.

وَمَا نَحْنُ لَكَ بِمُؤْمِنِينَ ﴿٥٣﴾

*Inumaa wanni nuti jennu, waan biraatii mitii waan nuti gabbarruutu si balleesse yookaa si galaafate, ati isii arrabsinaan, takkaa isi'iifii warra isii ibaadu, hamtu'uun dub-

إِن نَّقُولُ إِلَّا ٱعْتَرَىٰكَ بَعْضُ ءَالِهَتِنَا بِسُوٓءٍ

bannaan,
*Isaan akkana jennaan nabi huud akki je'een;
*An Rabbin ragaa ifirratti baasaa, takkaayuu misikkirii godhaa,
*Isinis ragaa tayaa,

قَالَ إِنِّيٓ أُشۡهِدُ ٱللَّهَ وَٱشۡهَدُوٓاْ أَنِّي بَرِيٓءٞ مِّمَّا تُشۡرِكُونَ ٥٤ مِن دُونِهِۦۖ

54}*Akkan an waan isin Rabbi jettanii, Rabbii gudda'aa achitti ibaadanirraa qulqulluu taye, ragaa taya.

*Duuba hundi keessan walii gala'aa na miidhu'uu mala baasa'aa, takkaa akka itti na miitan laala'aa,

فَكِيدُونِي جَمِيعٗا ثُمَّ لَا تُنظِرُونِ ٥٥

55}*Eega mala naan balleessitan baafattanii qaaxaroo naan, qabina'aa na miidha, yoo dandeysan, an waa takka isiniifii, waan isin ibaaddan hin sodaadhuu, waa takkalle'een na miidhuu hin dandeessanii.

*An Rabbitti irkadhee, Rabbiitu na tiysaadhan quba qabaa,
*Rabbiin an itti irkadhu Rabbii naafii isaanillee uumee, naafii isaanillee qabu,
*Waan lafarra deemu hunda , namni dubbii isi'ii harkaa qabu, kan nyaachisee obaasu, kan ajjeessee jiraachisu, isuma malee nama biraatii mitii,

إِنِّي تَوَكَّلۡتُ عَلَى ٱللَّهِ رَبِّي وَرَبِّكُمۡۚ مَّا مِن دَآبَّةٍ إِلَّا هُوَ ءَاخِذُۢ بِنَاصِيَتِهَآۚ

56}*Rabbiin kiyya karaa haqaa diriira'arra nama kaayee irratti nama ittisa.

إِنَّ رَبِّي عَلَىٰ صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ ٥٦

*Duuba yoo karaa an itti isin yaamu kana, qeebaluu diddanii irraa gara galtan,
*Yaa ummata kiyya, an, dhugumaanan waanan isinittiin ergame, diinaa Rabbii isinitti geessee,duuba yoo qeebaluu diddan, azaaba Rabbiin isinitti buusee, lafarraa isin fixa,
*Rabbiin kiyya bakka teessan ummata biraa , kan dubbii isaa dhagayu fidaa,
*Isin Rabbitti kafaru'uun, waa takka Rabbin miitan, ifuma miitan malee,

فَإِن تَوَلَّوۡاْ فَقَدۡ أَبۡلَغۡتُكُم مَّآ أُرۡسِلۡتُ بِهِۦٓ إِلَيۡكُمۡۚ وَيَسۡتَخۡلِفُ رَبِّي قَوۡمًا غَيۡرَكُمۡ وَلَا تَضُرُّونَهُۥ شَيۡـٔٗاۚ

57}*Rabbiin kiyya kan isinitti na erge

إِنَّ رَبِّي عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٍ حَفِيظٞ ٥٧

,kan waa hunda tiysu, kan waan hunda quba quba qabu, duuba ummanni nabi huud diinaa Rabbii qeebaluu dinnaan, Rabbiin azaaba itti ergee lafarraa fixe, tanaaf jecha Rabbiin akki je'e.

وَلَمَّا جَآءَ أَمۡرُنَا

*Hoggaa azaabni, yookaa balaan, isaan balleesitu dhufte,

نَجَّيۡنَا هُودٗا وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مَعَهُۥ

*Nabi huudifii,warra isaan wajji Rabbitti amane, balaa kuffaaratti buutee, balleessite jalaa nagaya beefne,

بِرَحۡمَةٖ مِّنَّا

*Rahgmata goonefii, iimaana isaan ergachiifnee,

وَنَجَّيۡنَٰهُم مِّنۡ عَذَابٍ غَلِيظٖ ٥٨

58}*Huudifii,warra isatti amane,kan kuma afur gayu, azaaba jaba'arraa nagaya isaan baafne.

وَتِلۡكَ عَادٞ جَحَدُواْ بِـَٔايَٰتِ رَبِّهِمۡ

*Ummanni yookaa gosti aad, tan {iram} je'aniin sun, warra aayata Rabbii isaanitti kafare takkaa morome,

وَعَصَوۡاْ رُسُلَهُۥ

*Ammallee warra ergamoota Rabbii hundatti balleesse,wanni Rabbiin ummanni {aad}ergamoota Rabbii hundatti balleessan je'eef odoo isaan ergamaa Rabbii {huud} qofatti balleessanii jiranuu ergamaa Rabbii tokkotti balleessun, ergamoota isaa hundatti balleessuu je'ama jecha`aafi, ergamaa Rabbii tokkotti kafaruun , Rabbiifii, anbiyoota yookaa ergamoota maratti kafaruu je'amaa,

وَٱتَّبَعُوٓاْ أَمۡرَ كُلِّ جَبَّارٍ عَنِيدٖ ٥٩

59}*Ummanni {aad} sun karaa Rabbii dhiisniiti moototi isaanii, warra if guddisee, kara'araa baye, jala yaa'anii jallatanii badan.

وَأُتۡبِعُواْ فِي هَٰذِهِ ٱلدُّنۡيَا لَعۡنَةٗ

*Ummanni {aad} sun addunyaa tanarratti abaarsan darbaman,

وَيَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۗ

*Akkasuma guyyaa qiyaama'aatis abaarsan darbaman,

أَلَآ إِنَّ عَادٗا كَفَرُواْ رَبَّهُمۡۗ

*Dhagayaa ummanni {aad} sun, wanni badeef, isaantu Rabbii isaanitti kafaree, qananii inni isaanii kenne wallaalanii, galata isaa galchuu oolan, itti amananii,

أَلَا بُعۡدٗا لِّعَادٖ قَوۡمِ هُودٖ ٦٠

60}*Dhagayaa ummanni {aad} rahgmata Rabbirraa haa fagaatu.

وَإِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمۡ صَٰلِحٗاۚ

*Ummata {thamuud}je'amutti obboleessa isaanii kan {saalihg} je'amu ergine,

قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ

*Itti erginnaan akki je'een; yaa ummata ki-

yya tokkummaa Rabbii yaadaa, waan biraa isattin qindeessinaa,mukaafii, dhagaa, jinnii Rabbii achitti gabbaru'uun,

مَا لَكُم مِّنْ إِلَٰهٍ غَيْرُهُۥ

*Rabbiin tokkicha malee Rabbiin biraa isiniif hin jiruu, wanni isan tayin Rabbin je'amtuu,

هُوَ أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلْأَرْضِ

*Rabbii tokkicha ,kan biyyee lafarraa isin uume , abbaa keessan aadam biyye'erraa uumu'uun,

وَٱسْتَعْمَرَكُمْ فِيهَا

*Rabbiin isa akka dachii jaartanii ,irra qubattan isin godhee, isin qananiisee,

فَٱسْتَغْفِرُوهُ

*Rabbitti waa qindeessuu dhiisa'aa araarama irra barbaade

ثُمَّ تُوبُوٓا۟ إِلَيْهِ ۚ

*Eegasii dilii xixiqqoo akka Rabbitti waa qindeessu'uu hin tayin hunda dhiisa'aa,gara Rabbii keessanii deebi'aadhaa , araarama barbaaddadhaa,

إِنَّ رَبِّى قَرِيبٌ مُّجِيبٌ ﴿٦١﴾

61}*Rabbiin kiyya dhiyo'oo fogoon jiruu ,ni argaa ni dhagayaa, nama gara isaa deebi'e ni dhiyeessaa,isaaf araaramaa, yaa ummata kiyya gara isaa deebi'aa je'een, nabi saalihg.

قَالُوا۟ يَٰصَٰلِحُ قَدْ كُنتَ فِينَا مَرْجُوًّا قَبْلَ هَٰذَآ ۖ

*Jennaanin akki je'aniin ; yaa saalihg odoo karaa rabbitti nun yaamin dura, hayyuu jabaa ,taatee ,nu keessatti mul'atu'uuf kajeelamta, ammammoo bakka itti si kajeellu hanqattee, karaa keenyarraa mayxee, mataa nuu tayu'uuf hin kajeelamtuu, nama mataa namaa tayuutu nama ajajaa,

أَتَنْهَىٰنَآ أَن نَّعْبُدَ مَا يَعْبُدُ ءَابَآؤُنَا

*Si waan abbootin teenya ibaaddu asnaama ibaadu'urraa nu dhoowwitaa ? kun waan nuti sirraa qeebballuu miti,

وَإِنَّنَا لَفِى شَكٍّ مِّمَّا تَدْعُونَآ إِلَيْهِ

*Inumaa nuti,waan ati itti nu yaamtu kanarraa,shakkii qabna,

مُرِيبٍ ﴿٦٢﴾

62}*Diinan ati itti yaamtu kun shakkii yookaa mamaa nutti darbee,shakkii keessa jirraa, atuu haqarran jirtu nutti fakkaattaa, waan itti nu yaamtu kanarraa deebi'i je'aniin

قَالَ يَٰقَوْمِ

*Jennaanin nabi saalihg akki isaanin je'e ; yaa ummatta kiyya ,

أَرَءَيْتُمْ

*Mee waan agartan naa himaa , mee maal

jettan,

*Yoon karaa ifaa Rabbiin na qajeelcherra jiraadhee, إِن كُنتُ عَلَىٰ بَيِّنَةٍ مِّن رَّبِّي

*Rahgmata isaa naa kenne, nabiyyii isaa na godhee, isinitti na erge, وَءَاتَىٰنِي مِنْهُ رَحْمَةً

*Duuba yoon karaa inni na qajeelche qabatuu dhabe, waan isinittiin na erge, isinitti geessuu oolee,itti dilaayee, na qixaaxe, eenyu namni isinirraa naa dirmatee qixaaxa Rabbii jalaa na baasu? Namni naa dirmatuu hin jiru, فَمَن يَنصُرُنِي مِنَ ٱللَّهِ إِنْ عَصَيْتُهُۥ

63}Yaa orma kiyya, isin waan deemtuf dhiisi , naan je'uu kanaan, waan Rabbiin itti na ajaje dhiisi, naan je'uudhan, khasaaraa yookaa na jallisuu,naa, idaatan malee, waan biraatii miti. فَمَا تَزِيدُونَنِي غَيْرَ تَخْسِيرٍ ﴿٦٣﴾

*Yaa orma kiyya an ergamaa Rabbiitii, ragaan an ergamaa isaa tayu'uu, gaala Rabbii kanaa , وَيَٰقَوْمِ هَٰذِهِۦ نَاقَةُ ٱللَّهِ لَكُمْ ءَايَةً

*Gaalattii tana, hin tuqinaa dhiisaa, mayra Rabbiiti dachii Rabbirraa nyaattii, bishaan Rabbiiti ,dachii Rabbirraa dhuydii , فَذَرُوهَا تَأْكُلْ فِىٓ أَرْضِ ٱللَّهِ

*Waan hamtu'uun ittin gaminaa hin waraaninaa, ammallee hin dhawinaa, وَلَا تَمَسُّوهَا بِسُوٓءٍ

64}*Yoo itti gamtan ,balaa daddaftuutu isinitti bu'aa,duuba ka'aniiti bishaan addaan qoodatan, guyyaan tokko kan gaala nabi saalihg, guyyaan tokko kan horii isaaniti, haa tayuu qoonni kun, isaanitti ulfaatee, gaala san ajjeesu'uu muratanii, nama ajjeesu, kan {quddaar} je'aniin, itti erganii. فَيَأْخُذَكُمْ عَذَابٌ قَرِيبٌ ﴿٦٤﴾

*Gaala san ajjeesanii baallama diigan. فَعَقَرُوهَا

*Nabi saalihg hoggaa gaalli isaa du'uu argu, akki warra ajjeesan je'e; فَقَالَ

*Guyyaa sadii qofa, nagayaan mana keessan keessa jiraadhaa,eegasii balaan isinitti buuteti, dhumtanii,akkan tanaan dura isiniin je'e, تَمَتَّعُوا۟ فِى دَارِكُمْ ثَلَٰثَةَ أَيَّامٍ

65}*Wannin isiniin je'e kun,qaaxaroo hin kijibsiifamne, guyyaa sadeen booda dhumuun ooltanii beekaa je'een. ذَٰلِكَ وَعْدٌ غَيْرُ مَكْذُوبٍ ﴿٦٥﴾

فَلَمَّا جَآءَ أَمۡرُنَا

*Duuba hoggaa guyyaan sadeen dabree, azaabni keenya orma kuffaaratti dhufu,

نَجَّيۡنَا صَٰلِحٗا وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مَعَهُۥ

*Nabi saalihgiifii,warra isaan wajji amane, balaa kuffaaratti buufne jalaa najaa baafne,

بِرَحۡمَةٖ مِّنَّا

*Rahgmata keenyan iimaana isaanii kenninee,

وَمِنۡ خِزۡيِ يَوۡمِئِذٍۗ

*Ammallee xiqqeenya guyyaa balaan buutee jalaa nagaya baafne, takkaa xiqqeenya guyyaa qiyaama'aa jalaa nagaya baafne jechu`

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ ٱلۡقَوِيُّ

*Rabbiin kee jabaa waa takka isan injifanne,

ٱلۡعَزِيزُ ٦٦

66}*Kan warra isatti balleesse qixaaxu.

وَأَخَذَ ٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ ٱلصَّيۡحَةُ

*Ammoo warra Rabbitti kafare iyyansi jabaan jibriil itti iyye, onnee isaanii baysee lafarraa fixe ,

فَأَصۡبَحُواْ فِي دِيَٰرِهِمۡ جَٰثِمِينَ ٦٧

67}*Duuba sababaa iyyansa saniitin mana isaanii keessatti dhumanii jilbaan lafa dhadhawanii.

كَأَن لَّمۡ يَغۡنَوۡاْ فِيهَاۗ

*Ummanni saalihg sun dhumuu keessa ,akkuma waan takkaa tanaan dura manootii isaanii keessan qubataniiti tayan,

أَلَآ إِنَّ ثَمُودَاْ كَفَرُواْ رَبَّهُمۡۗ

*Dhagayaa,ummanni {thamuud} Rabbii isa itti kafaranii waan biraa ibaadanii, tanaaf jecha balaan itti buutee dhuman,

أَلَا بُعۡدٗا لِّثَمُودَ ٦٨

68}*Dhagayaa ummanni { thamuud} rahgmata Rabbirraa haa fagaatuu.

وَلَقَدۡ جَآءَتۡ رُسُلُنَآ إِبۡرَٰهِيمَ بِٱلۡبُشۡرَىٰ

*Dhugumaan ergamoonni keenya sadii dhaamsa gammachu'uutin, nabi ibraahiimitti dhufan, ergamoonni sadeen jibriilifii, israafiilii, miikaa'iil, dhaamsi gammachu'uu kan isaan nabi ibraahiimittiin dhufan; nabi ibraahiimii dulloomen, Rabbiin ilma sii kenna jechu`,

قَالُواْ سَلَٰمٗاۖ

*Malaaykonni sadeen Rabbiin nabi ibrahiiitti erge, hoggaa nabi ibraahiim bira gayan irratti salaamatanii, nagayaa je'aniin,

قَالَ سَلَٰمٞۚ

*Ee nagaya je'ee nagaya isaan gaafate,

فَمَا لَبِثَ أَن جَآءَ بِعِجۡلٖ حَنِيذٖ ٦٩

69}*Duuba odoo waa xiqqon taa'in, nabi ibraahiim dibicha qalee ,foon waadameen

itti dhufee,dura kaayee, nyaadhaa je'een, na bi ibraahiim keessumma'aan wajji malee, hin nyaatu.

*Nabi ibraahiim ,hoggaa harka isaanii kan foon san hin tuyn'e argu,
*Haala isaanii wallaalee,

فَلَمَّا رَءَآ أَيۡدِيَهُمۡ لَا تَصِلُ إِلَيۡهِ نَكِرَهُمۡ

*Waan hamtu'uun natti dhufan je`ee soda-ate, maalif namni nyaata kee didu, waan hamtuu sitti yaada, akkuma namni nyaata kee nyaate hamtuu sittin yaanne,yoo nama gadi galoo taye malee,

وَأَوۡجَسَ مِنۡهُمۡ خِيفَةً

*Duuba keessumoonni sun nabi ibraahiimii sodaatu garraan, hin sodaatin je'aniin,
*Nuti malaaykaadhaa hin nyaannuu hin dhuynuu,

قَالُواْ لَا تَخَفۡ إِنَّآ

70}*Ummata nabi {luux},kan Rabbitti ka-fare balleessu'uuf ergamnee, wanni si tuqun jiruu, hin sodaatin je'aniin.

أُرۡسِلۡنَآ إِلَىٰ قَوۡمِ لُوطٖ ٧٠

*Jaartin nabi ibraahiim {saarran} hoggaa nabi ibraahiimifii, ormi keessumma'aa wali-tti haasawu, achi dhaabatteeti, waan isaan je'an dhaggeeffattii,,
*Keessummaan hamtu'uun, hin dhufnee ag-araan, takkaa hubanaan, gammaddee, kho-falte,

وَٱمۡرَأَتُهُۥ قَآئِمَةٞ فَضَحِكَتۡ

*Duuba jaartii nabi ibraahiim dullattii san ,ilma maqaan isaa {ishgaaq} je'amu dhalta ,yookaa dayu'uu teessa, jennee gamma-chiifne,

فَبَشَّرۡنَٰهَا بِإِسۡحَٰقَ

71}*Ammallee eega {ishgaaqii} ilma {ishg-aaq} kan{yakgquub} je'amuun gamma-chiifne, ilma ilma isi'iitin isii gammachiifne jechu.

وَمِن وَرَآءِ إِسۡحَٰقَ يَعۡقُوبَ ٧١

*Duuba hoggaa malaaykan akkasitti isii gamachiiftu,wanni isiin jette; ilmo'oofii il-moo ilmotin na gammachiisun, waan nama ajaa'ibsu, yookaa waan nama dinqu,
*Si anaa akkatti dulloometu, ilmoo dhalaa? kanin bara sagaltam gaye,

قَالَتۡ يَٰوَيۡلَتَىٰٓ ءَأَلِدُ وَأَنَا۠ عَجُوزٞ

وَهَٰذَا بَعۡلِي شَيۡخًاۖ

*Jaarsi kiyya kunis hunoo, nama dullacha, bara dhibba gayee, akkamitti ilmoon nu jiddu'uu dhalatti?

إِنَّ هَٰذَا لَشَيۡءٌ عَجِيبٞ ٧٢

72}*Dulloonni lama, waa dhaluun waanuma ajaa'ibaatii jettee ajaa'ibde.

قَالُوٓاْ أَتَعۡجَبِينَ مِنۡ أَمۡرِ ٱللَّهِۖ

*Jennaan malaaykan akki jetteen , si dande-

eytii Rabbiiti ajaa'iba gootaa? Rabbiin waan fedhe dalagaa, wanni isa dadhabsiisun jiruu Rabbiin aadamuu haadhaa abbaa malee uumee, ilmoo isin jiddu'uu uumun sin dinqin, ilmoo ni argattanii jechu',

رَحۡمَتُ ٱللَّهِ وَبَرَكَٰتُهُۥ عَلَيۡكُمۡ أَهۡلَ ٱلۡبَيۡتِۚ

*Yaa warra ibraahiim rahgmataafii barakaan Rabbii isinirratti haa jiraattuu,

إِنَّهُۥ حَمِيدٞ

*Rabbiin kan akka maratti faarfamu,

مَّجِيدٞ ٧٣

73}*Kan kheyrii,yookaa kennaa heddommaatu.

فَلَمَّا ذَهَبَ عَنۡ إِبۡرَٰهِيمَ ٱلرَّوۡعُ

*Nabi ibraahiim hoggaa haala keessumma'aa beekhee sodaan irraa deemtu,

وَجَآءَتۡهُ ٱلۡبُشۡرَىٰ

*Sodaan irraa deemuu qofattin dhaabbannee, lmaan isa gammachiisun isaa dhufte, ammallee malaaykonni kun ummata nabi luux, balleesu'uuf deemanii beekhu,

يُجَٰدِلُنَا فِي قَوۡمِ لُوطٍ ٧٤

74}*Ka'eeti nabi ibraahiim ummata luuxif

jecha ergamoota keenya sanitti dubbii deebisee akki je'een; ummata luux,kan warri Rabbitti amane, dhibbi sadii, takkaa biyya mu'minni tokko, kan akka nabi luux keessa jiru, balleessu'uu deemtanii je'een? Ammoo malaaykonni sadeen, lakkii je'aniin.

إِنَّ إِبۡرَٰهِيمَ لَحَلِيمٌ

*Nabi ibraahiim wanni malaaykaa, waan

deemaniifirraa oolchuu fedheef, isaatu nama obsa qabu, kan nagayaan nama hunda wajjiin jiraatu, kan qixaaxan namattin jarjarre, odoo kaafirallee taatee, nabi muhammad akki je'an, wanni Rabbiin nabi ibraahiimii dhaame ,{yaa ibraahiim; nama hundaan wajji haala tolfadhu, odoo kaafiraan wajjillee taatee, akka bakka warri Rabbiif qulqullaaye seenu seentu} tanaaf ummata luuxif nabi ibraahiim naye,

أَوَّٰهٞ

*Ammas haala nabi ibraahi imirraa {aah} jechuu heddommeeysa, yoo wanni gaarin Rabbitti isa dhiyeessitu isa dabarte {aah} maalifan dalaguu dhabe je'a

مُّنِيبٌ ﴿٧٥﴾

75}*Ammas nabi ibraahiim kan hoggaa mara ,gara Rabbii deebi'u, duuba nabi ibraahiim malaayka'aan ummata luux hin balleessina'aa dhiisaa jennaan, malaaykan akki jetteen.

يَٰٓإِبۡرَٰهِيمُ أَعۡرِضۡ عَنۡ هَٰذَآۖ

*Yaa ibraahiim waan jetturraa dhaabbadhu,

إِنَّهُۥ قَدۡ جَآءَ أَمۡرُ رَبِّكَۖ

Ajajni biyya luux balleessu'uu Rabbii keetirraa dhufee, kadha'aafii, magantaan irraan deebiftuu,

وَإِنَّهُمۡ ءَاتِيهِمۡ عَذَابٌ غَيۡرُ مَرۡدُودٖ ﴿٧٦﴾

76}*Warra biyya sanii azaaba isaanirraan deeffamneetu itti dhufaa je'aniin , nabi luux ilma obboleessa nabi ibraahiimi.

وَلَمَّا جَآءَتۡ رُسُلُنَا لُوطٗا

*Hoggaa ergamoonni keenya sadeen, jibriilifii, miikaa'iilifii, israafiil,nabi luuxitti dhufan, ummata isatti kafare balleessu'uuf jecha,

سِيٓءَ بِهِمۡ

*Dhufa isaanitii jecha rifate,maalif ?malaaykonni nabi luuxitti dhufe sun, suuraa joollee dhiiraa babbareedu'uutin dhufanii, nama isaan seyee, ummanni isaa kuffaarri dhalaa dhiisee , dhiiratti gara galee,waan dhala'atti dalagamu dhiiratti dalagu, orma keessumma'aa, na harkatti tuqa, je'eeti sodaatee, rifatee,

وَضَاقَ بِهِمۡ ذَرۡعٗا

*Akka isaan godhu dhabee,isaanii je'ee rakkatee,

وَقَالَ هَٰذَا يَوۡمٌ عَصِيبٞ ﴿٧٧﴾

77}*Guyyaan kun guyyaa hama'a yookaa jaba'a je'e.

وَجَآءَهُۥ قَوۡمُهُۥ يُهۡرَعُونَ إِلَيۡهِ

*Duuba ormi kuffaaraa, ummata nabi luuxirraa, keessummaan isatti dhuftee dhageenyan, ori'aadhaa itti dhufan, waan hamtuu keessummaa isatti dalagu'uu jecha,

وَمِن قَبۡلُ كَانُواْ يَعۡمَلُونَ ٱلسَّيِّـَٔاتِۚ

*Maalif isaan sanuma duraa waan hamtuu dhiiratti dalaguu turan, wanni hamtuun isaan dalagan dhalaa dhiisanii, dhiira bakka dhala'aa buufatu' , kan nabi luux irraa dhow-wuu ture,

قَالَ يَٰقَوۡمِ هَٰٓؤُلَآءِ بَنَاتِي

*Duuba hoggaa isaan ori'aadhaa keessummaa isatti dhufan, nabi {luux} akki je'een: yaa jarana, yoo kan fuudhatti haajamtan taatan, kunoo dubra kiyya fuudhaa,

هُنَّ أَطۡهَرُ لَكُمۡۖ

*Isi'iitu isiniif qulqullu'uu, yookaa gayaa wanni Rabbiin dhiiraf uume dhala'aa , dhiiraa mitii, yoo feetan dubra kiyya fudhadhaa,

فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ

*Rabbi sodaadhaa, hamtuu dhiisaa,

وَلَا تُخۡزُونِ فِي ضَيۡفِيٓۖ

*Keessummaa tiyya tuyxanii,nan qaanessinaa,

أَلَيۡسَ مِنكُمۡ رَجُلٞ رَّشِيدٞ ٧٨

78}*Si namni haqa qabatee, waan hamtu'urraa if dhoowwee,nama birallee dhoowwu, isin keessa hin jiruu? je'een.

قَالُواْ لَقَدۡ عَلِمۡتَ مَا لَنَا فِي بَنَاتِكَ مِنۡ حَقّٖ

*Jennaan akki je'aniin; yaa {luux} akka nuti dubra keetittin haajamne beytee jirta,

وَإِنَّكَ لَتَعۡلَمُ مَا نُرِيدُ ٧٩

79}*Akkasuma ati,waan nuti feenu, ni beytaa, sun dhalaa dhiifnee dhiiratti dhaqu'uu, maalif akkana jetta je'aniin.

قَالَ لَوۡ أَنَّ لِي بِكُمۡ قُوَّةً

*Jennaanin nabi {luux} akki je'een; odoodhan silaa humna keessummaa tiyyarraa isin deebisuun, takkaa isin dhowwun qabaadhee,

أَوۡ ءَاوِيٓ إِلَىٰ رُكۡنٖ شَدِيدٖ ٨٠

80}*Takkaa odo'on nama jabaa itti irka dhu qabaadhee silaa natti rorrisu'uu hin dhuftan je'ee, rakkattee akka tayu dhabe, keessummaa isaa akka orma badaa san jalaa itti baasu wallaalee.

قَالُواْ يَٰلُوطُ إِنَّا رُسُلُ رَبِّكَ

*Keessummaan nabi luux , hoggaa isaa rakkattu agartu,akki jetteen; yaa luux, nuti ergamoota Rabbiitii orma kuffaaraa balleessu'uuf Rabbiin nu ergee, homaan sodaatin,

لَن يَصِلُوٓاْ إِلَيۡكَۖ

*Ormi kuffaaraa, hamtu'uun siifii keessummaa teetillee tuquun dandayanii, nuutu karaa isaan jalaa itti baatu si garsiisaa,

فَأَسۡرِ بِأَهۡلِكَ بِقِطۡعٖ مِّنَ ٱلَّيۡلِ

*Tanaaf jecha halkan keessa warra keetifii warra sitti amaneen wajji biyya tanaa bayaa, azaabatu,yookaa bala'aatu, warra biyya tanatti bu'aa,

وَلَا يَلۡتَفِتۡ مِنكُمۡ أَحَدٌ

*Nam tokkolleen isinirraa if duuban mil'atin, akka balaa biyya sanitti buutu argee, hin rifanne,

إِلَّا ٱمۡرَأَتَكَۖ

*Jaartii tee yoo taate malee ,

إِنَّهُۥ مُصِيبُهَا مَآ أَصَابَهُمْ ۚ

*Isii balaan warra biyyatti buutu, isii tuyxii, waan isiin hamtuu isaan dalaganirraa qooda qabduuf,

إِنَّ مَوْعِدَهُمُ ٱلصُّبْحُ ۚ

*Waytiin balaan isaanitti buutu bariisa'a, hogaa san azaabni isaanitti bu'ee dhuman,

أَلَيْسَ ٱلصُّبْحُ بِقَرِيبٍ ﴿٨١﴾

81}*Bariisan dhiyo'oo mitii ? hin tursiifatinaa wannumti as deemu hundi, dhiyo'oo.

فَلَمَّا جَآءَ أَمْرُنَا

*Duuba hoggaa waytiin azaaba keenyaa geessu, takkaa dhuftu,

جَعَلْنَا عَٰلِيَهَا سَافِلَهَا

*Dachii garaan galchine, jibriil waan ga nda biyya sanii taye hunda, goflaa yookaa kooluu jala kaayee buqqisee, gad gonbisee ,gubbaa jala godhee,jala gubbaa godhee, isaan awwaale,

وَأَمْطَرْنَا عَلَيْهَا حِجَارَةً مِّن سِجِّيلٍ

*Ammallee dhagaa biyya sanitti roobsine , dhagaa bordoda ibiddarraa tolfame, takkaa bilcheeffamerraa taye,

مَّنضُودٍ ﴿٨٢﴾

82}*Dhagaa wal jala itti bu'u yookaa itti roobu.

مُّسَوَّمَةً

*Dhagaa milikkata, yookaa asxaa qabu, kan dhagaa hundarratti maqaan nama inni itti darbamuu katabame,

عِندَ رَبِّكَ ۖ

*Kan bakka Rabbiin kee itti uumee, ol kaayetti, qopheeffamee ture,

وَمَا هِىَ مِنَ ٱلظَّٰلِمِينَ بِبَعِيدٍ ﴿٨٣﴾

83}*Dhagaan ibiddaa, kan akkanatti qopheeffamee jiru warra Rabbitti dilaayerraa fagoon jiru, duuba warra Rabbitti kafare, kan nabi luux itti ergame san, Rabbiin malaaykaa itti ergee warra biyya jiru hunda dachii garaan galchee awwaalee, warra biyya sanii, kan diida, yookaa imaltuu jiru, hoggaa isaan galan, dhagaa ibiddaa itti roobsee lafarraa isaan fixe, ummanni hundi dilii, yookaa cubbuu beekkameen, kan sababaa sanii je'ee , Rabbiin isaan balleesse qaba, diliin ummanni luux badeen,dhiira bakka dhala'aa buufatanii itti ida'amu', duuba warri karaa isaanii dhufe hundi akkuma isaan badanitti badu'uu taa'a.

۞ وَإِلَىٰ مَدْيَنَ أَخَاهُمْ شُعَيْبًا ۚ

*Ummata madyan je'amutti obboleessa isaanii kan {shukgayb} je'amu erginee jirra, akka karaa jallaa isaan keessa jiranirraa isaan deebisee, karaa Rabbii isaan qajeelchuf,

قَالَ

*Duuba isaanii Rabbitti waa qindeessutti, kan haqa nama nyaatutti dhufee, akki je'een

يَـٰقَوۡمِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ

*Yaa ummata kiyya tokkummaa Rabbii yaada, isa malee waan biraa gabbaruu dhiissaa,

مَا لَكُم مِّنۡ إِلَٰهٍ غَيۡرُهُۥۖ

*Isa malee Rabbii biraa hin qabdanii, wanni isan tayin Rabbin je'amtuu,

وَلَا تَنقُصُواْ ٱلۡمِكۡيَالَ وَٱلۡمِيزَانَۚ

*Hoggaa waa namaa saffartan, yookaa miizaantan, duraan ir'isinaa,

إِنِّيٓ أَرَىٰكُم بِخَيۡرٖ

*Akka Rabbiin isin quubsee ,isinitti bal'isen ,isin argaa,wanni qabdan, waan namaa nyaatu'urraa isin duroomsitii,

وَإِنِّيٓ أَخَافُ عَلَيۡكُمۡ عَذَابَ يَوۡمٖ مُّحِيطٖ ٨٤

84}*An wannin isiniif sodaadhu, azaaba guyyaa isinitti marsee lafarraa isin fixu, kan nam tokko isinirraa jalaan baane, tanaaf jecha if eegaa.

وَيَـٰقَوۡمِ أَوۡفُواْ ٱلۡمِكۡيَالَ

*Yaa ummata kiyya hoggaa waa saffartan guutaa,

وَٱلۡمِيزَانَ بِٱلۡقِسۡطِۖ

*Hoggaa waa miizaantanis guutaa, qixxumma'aan ,

وَلَا تَبۡخَسُواْ ٱلنَّاسَ أَشۡيَآءَهُمۡ

*Waan namaa duraan ir'isinaa,

وَلَا تَعۡثَوۡاْ فِي ٱلۡأَرۡضِ مُفۡسِدِينَ ٨٥

85}*Dachiin balleessinaa, nama ajjeesu'uun , horii namaa hatu'uun, yookaa saamu'uun, nama sodaachisu'uun.

بَقِيَّتُ ٱللَّهِ خَيۡرٞ لَّكُمۡ إِن كُنتُم مُّؤۡمِنِينَۚ

*Waan Rabbiin isinii kenne, tan eega waan namaa guuttanii, ifirraa kennitanii isinii hafuutu, irra isinii caala, yoo kan Rabbitti amantan taatan,

وَمَآ أَنَا۠ عَلَيۡكُم بِحَفِيظٖ ٨٦

86}*An dili'irraa isin eeguu hin dandayu haa tayuu isinii himee, if eegaa, akka azaaba jalaa nagaya baatan ,nabi shukgaybi salaata heddommesa, hoggaa maalif salaata heddommeesita je'aniin, wanni isaanin je'u salaanni waan hamtu'urraa nama dhowwitii, waan gaari'itti nama khaafti je'aan.

قَالُواْ

*Duuba nabi shukgaybi akkas jennaan akki je'eniin,

يَـٰشُعَيۡبُ أَصَلَوٰتُكَ تَأۡمُرُكَ أَن نَّتۡرُكَ مَا يَعۡبُدُ ءَابَآؤُنَآ

*Yaa shukgaybi, si salaanni kee, nuti waan abbootin teenya gabbartu, mukaa, dhagaa, guddisuu dhiisu'utti si ajajaa?

أَوۡ أَن نَّفۡعَلَ فِيٓ أَمۡوَٰلِنَا مَا نَشَٰٓؤُاْۖ

*Takkaa nuti waan feene horii keenyatti

dalaguu dhiisu'utti salaanni kee si ajajaa?

87}*Ati nama obsa qabu, qajeela'aa hayee je'aniin ,isa xiqqeessu'uu jecha takkaa makgnaan isaa ati gowwaa jechu.

إِنَّكَ لَأَنتَ ٱلْحَلِيمُ ٱلرَّشِيدُ ﴿٨٧﴾

*Isaan akkas jennaan nabi shukgaybi akki je'een,

قَالَ

*Yaa ummata kiyya ,

يَٰقَوْمِ

*Ni beytanii ? mee naa odeessaa,

أَرَءَيْتُمْ

*Yoon karaa Rabbii ifa'arra jiraadhee, sun beekkomsaafii, nabiyyummaa isaa kennu'uu

إِن كُنتُ عَلَىٰ بَيِّنَةٍ مِّن رَّبِّى

*Horii gaarii hayn'i namaa keessan jirre naa kenne, duuba sanumaan wajji, waan inni itti na ajaje, karaa haqaa isin qajeelchuu dhiisee, haqa namaa nyaatun narraa bareedaa?

وَرَزَقَنِى مِنْهُ رِزْقًا حَسَنًا ۚ

*An karaa haqaa, kan itti isin gorsu dhiisee, isin jalaa maqee, waan hamtuu irraa isin dhoowwu dalaguun qabu, takkaayuu hin fedhu,

وَمَآ أُرِيدُ أَنْ أُخَالِفَكُمْ إِلَىٰ مَآ أَنْهَىٰكُمْ عَنْهُ ۚ

*An hangan dandayu karaa gaarii isin qajeelchuu malee, waan biraa hin fedhu,

إِنْ أُرِيدُ إِلَّا ٱلْإِصْلَٰحَ مَا ٱسْتَطَعْتُ ۚ

*Waan gaarii na qunamsiisun Rabbuma kiyyaani malee,nama biraatinii mitii, gargaarsa isaatini malee, karaa biraatii miti

وَمَا تَوْفِيقِىٓ إِلَّا بِٱللَّهِ ۚ

*Isumattan irkadhe,

عَلَيْهِ تَوَكَّلْتُ

88}*Wahayyuufuu garuma isaatan deebi'a , haala gammachu'uutifii haala rifachu'uttillee.

وَإِلَيْهِ أُنِيبُ ﴿٨٨﴾

*Yaa ummata kiyya, diddaa kiyyaa deemun, waanin isiniin je'u dhagayuu diduun azaaba isinittin fidin,sababaa sanii je'ee, azaabni yookaa balaan Rabbirraa isinittin bu'in, balaan akka ummata nabi {nuuhg} warra kafaretti buutee, lafarraa fixxe, sun bishaan dachi'ii sami'ii itti gad lakkisu'uu,

وَيَٰقَوْمِ لَا يَجْرِمَنَّكُمْ شِقَاقِىٓ أَن يُصِيبَكُم مِّثْلُ مَآ أَصَابَ قَوْمَ نُوحٍ

*Takkaa balaan akka balaa ummata nabi {huuditti} buutee ,isinittin bu'in, qilleensa isinitti ergee,

أَوْ قَوْمَ هُودٍ

*Takkaa balaa akka balaa ummata {saalihgitti} buusee isinittin buusin, dachii isiniin

أَوْ قَوْمَ صَٰلِحٍ ۚ

sossoosee,

89}*Balaan ummata{luuxitti}buute sababaa وَمَا قَوْمُ لُوطٍ مِّنكُم بِبَعِيدٍ ﴿٨٩﴾

isaan, nabi luux dhagayuu didaniif, isinirraa fogo'oo miti, biyyaan walitti dhiyaattan akkuma zamanni isa keessa dachiin isaanin gara galtee dhuman, isinitti dhiyaatu, duuba haalli keessan akkuma haala ummata dubbii ergamoota Rabbii dhagayuu didee, balaan itti buutetii akka nagaya baatan dubbii tiyya dhagayaa.

*Rabbii keessanirraa araara barbaadaa, gara isaa deebi'aa, وَاسْتَغْفِرُوا رَبَّكُمْ ثُمَّ تُوبُوا إِلَيْهِ

*Rabbiin kiyya, warra gara isaa deebi'eef rahgmata godhaa, rahgmata isarra barbaadaa, إِنَّ رَبِّي رَحِيمٌ

90}*Ammallee Rabbiin kiyya, warra baallama isaa guutee tole, ni jaalataa, waan jaalala isaa isinii fidu dalagaa, sun waanin itti isin yaamuu, Rabbii tokkichatti amanaa, waan saffartaniifii waan miizaantan namaa guutaa. وَدُودٌ ﴿٩٠﴾

*Ummanni madyan kan Rabbiin nabi {shukgaybi} itti erge, inni yaa ummata kiyya,Rabbi malee waan biraatin Rabbin je'inaa, waan namaa saffartan, yookaa miizaantan hin ir'isinaa, waan hamtuu dalaydanii lafan balleessinaa je'ee isaan gorsinaan, akki je'aniin; قَالُوا يَا شُعَيْبُ

*Yaa shukgayb; irra hedduun waan ati nuun jettuu nuun galu,dhugaa tayullee yaannu, مَا نَفْقَهُ كَثِيرًا مِّمَّا تَقُولُ

*Inumaa nuti akka ati nu biratti,nama laafaa waan je'u , bakkaan gayuu hin dandeenye taate si agarra, وَإِنَّا لَنَرَاكَ فِينَا ضَعِيفًا

*Yaa shukgaybi; odoo gosti tee nu wajji jiruu baatee, karaa keenya qabattee,silaa dhaga'aan si tumneeti si ajjeefna, haa tayuu kabajaa gosa teetii, tan diinaa keenyarra jirtuuf, si dhabna , takkaa si dhiifna, وَلَوْلَا رَهْطُكَ لَرَجَمْنَاكَ

91}*Ati nu biratti,gatii takkalleen qabdu , tan isi'ii jennee if keessatti si dhiifnuf .je`-aniin وَمَا أَنتَ عَلَيْنَا بِعَزِيزٍ ﴿٩١﴾

*Jennaan nabi shukgaybi akki je'een;yaa ummata kiyya, gosa tiyyaatu Rabbirraa isinitti jabdu'uu, قَالَ يَا قَوْمِ أَرَهْطِي أَعَزُّ عَلَيْكُم مِّنَ اللَّهِ

*Kan Rabbii guddaa irraanfattanii akka وَاتَّخَذْتُمُوهُ وَرَاءَكُمْ ظِهْرِيًّا

waan if duubatti darbitanii gootan, waan biraatin Rabbi jettanii ibaaddanii? Rabbii isinitti na erge sodaatuu dhiiftanii, waanin isiniin je'u qeebaluu diddanii, natti roorriftanii,

إِنَّ رَبِّي بِمَا تَعْمَلُونَ مُحِيطٌ ﴿٩٢﴾

92}*Rabbiin kiyya waan isin dalaydan hunda ni beekhaa isin qixaaxa.

وَيَٰقَوْمِ ٱعْمَلُوا۟ عَلَىٰ مَكَانَتِكُمْ

*Yaa ummata kiyya eega waan an itti isin yaamu eehamuu diddanii, haaluma isin irratti jirtaniin,dalagaa badduu itti fufa'aa dalagaa,

إِنِّي عَٰمِلٌ ۖ

*Anis, haaluman irratti jiruunan dalagaa,

سَوْفَ تَعْلَمُونَ مَن يَأْتِيهِ عَذَابٌ يُخْزِيهِ

*Duuba nama naafii isinirraa azaabni isa xiqqeessu itti dhufu'uu taa'u beekhu'uuf jiraattanii,

وَمَنْ هُوَ كَٰذِبٌ ۖ

*Akkasuma nama nu lamaanirraa, dhugaa dubbatuufii, nama kijibaa, adda baru'uu teessanii,

وَٱرْتَقِبُوٓا۟

*Waan isinitti argamu'uu taa'u eegaa,

إِنِّي مَعَكُمْ رَقِيبٌ ﴿٩٣﴾

93}*Anis isiniin wajjin baduu, keessan eegaa.

وَلَمَّا جَآءَ أَمْرُنَا

*Duuba hoggaa azaabni keenya, kan warra kafare balleessu dhufe,

نَجَّيْنَا شُعَيْبًا وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مَعَهُۥ

*Nabi shukgaybifii warra isaan wajji amane, azaaba san jalaa nagaya baafne,

بِرَحْمَةٍ مِّنَّا

*Rahgmata keenyan,

وَأَخَذَتِ ٱلَّذِينَ ظَلَمُوا۟ ٱلصَّيْحَةُ

*Ammoo warra Rabbitti kafare, iyyansi jibriil itti iyye isaan fuutee,

فَأَصْبَحُوا۟ فِى دِيَٰرِهِمْ جَٰثِمِينَ ﴿٩٤﴾

94}*Manootii isaanii keessatti lafa dhadhawanii, dhumanii dhabaman.

كَأَن لَّمْ يَغْنَوْا۟ فِيهَا ۗ

*Lafarraa dhabamuu keessa, akka waan biyya isaanii keessa yookaa manootii isaanii keessa, takkaan jiraatiniiti tayan,

أَلَا بُعْدًا لِّمَدْيَنَ كَمَا بَعِدَتْ ثَمُودُ ﴿٩٥﴾

95}*Ummanni madyan, kan shukgaybitti amanuu didee, kafare, rahgmataafii nagaya Rabbirraa haa fagaatuu, akka ummanni {thamuud} kan nabi saalihgitti kafare, rahgmataafii nagayarraa fagaatetti.

وَلَقَدۡ أَرۡسَلۡنَا مُوسَىٰ بِـَٔايَٰتِنَا وَسُلۡطَٰنٖ مُّبِينٍ ٩٦

96}*Dhugumaan nabi muusaa, mukgjiza'aafii irree mul'attu'uun erginee jirra.

إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ وَمَلَإِيْهِۦ

*Firkgawna mootii misraatifii ummata isatti ,akka karaa Rabbitti isaan yaamu'uuf jecha,

فَٱتَّبَعُوٓاْ أَمۡرَ فِرۡعَوۡنَۖ

*Duuba ummanni firkgawwnaa dubbii ergamaa Rabbii nabi muusa'aa dhagayuu dhiisaniiti, waan firkgawna je'u jalaa deemanii kafaran,

وَمَآ أَمۡرُ فِرۡعَوۡنَ بِرَشِيدٖ ٩٧

97}*Karaan firkgawna itti isaan yaamu, karaa qajeela'aa mitii, karaa badaa bakka hamtu'utti isaan geessu, maalif.

يَقۡدُمُ قَوۡمَهُۥ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ

*Firkgawna guyyaa qiyaama'aa, ummata isaa dura bu'eeti, kan isaan isa hordofan

فَأَوۡرَدَهُمُ ٱلنَّارَۖ

*Ibidda azaabaa isaan seensisa,

وَبِئۡسَ ٱلۡوِرۡدُ ٱلۡمَوۡرُودُ ٩٨

98}*Yaa hammeenya bakka isaan seensifamanii, sun ibiddaa.

وَأُتۡبِعُواْ فِي هَٰذِهِۦ لَعۡنَةٗ

*Firkgawnafii ,ummanni isaa addunyaa tana keessatti, abaarsan darbamaniiti, baharitti dhumanii jiran,

وَيَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۗ

*Akkasuma guyyaa qiyaama'aatis abaarsan darbamanii ibidda seensifaman,

بِئۡسَ ٱلرِّفۡدُ ٱلۡمَرۡفُودُ ٩٩

99}*Yaa hammeenya kennaa isaan kennamanii sun ibiddaa.

ذَٰلِكَ

*Wanni sii dubbannee dabarsine, tan dubbii nabi nuuhgifii ummata isaatifii, ergamoota isa booda dhufeefii, ummata isaanitti raraatu,

مِنۡ أَنۢبَآءِ ٱلۡقُرَىٰ

*Oduu biyootatiifii,oduu warra biyyoota si dura dabreetii,

نَقُصُّهُۥ عَلَيۡكَۖ

*Oduu biyya saniiti, siif odeessina,

مِنۡهَا قَآئِمٞ

*Biyyoota siif odeessinerra, biyya hanga ammaa jirtuutu jira, kan namni isi'ii dhumee araddaan isaanii duwwaan hafte,

وَحَصِيدٞ ١٠٠

100}*Ammallee biyyoota sanirraa, biyya namni isi'ii dhume, kan araddaan isaanii hin hafiniitu jira.

*Ummata san dilii malee isaan hin fin'e, وَمَا ظَلَمْنَٰهُمْ

*Haa tayuu isaantu, waan isaan balleessu dalagu'uun if miidhee, akka isaan balleessinu if godhe malee, وَلَٰكِن ظَلَمُوٓا۟ أَنفُسَهُمْ ۖ

*Duuba wanni isaan Rabbii achitti, Rabbi je'anii gabbaran, waa takka isaanii hin tarre, badii isaanirraa hin deebifne, فَمَآ أَغْنَتْ عَنْهُمْ ءَالِهَتُهُمُ ٱلَّتِى يَدْعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ مِن شَىْءٍ

*Hoggaa azaabni Rabbii keetii, kan isaan balleessu itti dhufe, لَّمَّا جَآءَ أَمْرُ رَبِّكَ ۖ

101}*Wanni isaan Rabbii achitti ibaadan, khasaaraa malee, waan biraan isaanii hin idaane. وَمَا زَادُوهُمْ غَيْرَ تَتْبِيبٍ ﴿١٠١﴾

*Qixaan'i Rabbii keetii akkasi, وَكَذَٰلِكَ أَخْذُ رَبِّكَ

*Hoggaa biyyoota dilii dalayde balleessu, إِذَآ أَخَذَ ٱلْقُرَىٰ وَهِىَ ظَٰلِمَةٌ ۚ

102}*Qixaan'i isaa kan akkaan nama laalessu, kan akkaan hama'aati. إِنَّ أَخْذَهُۥٓ أَلِيمٌ شَدِيدٌ ﴿١٠٢﴾

*Qissaa anbiyootaa tan siif odeessine keessa gorsaatu jira, إِنَّ فِى ذَٰلِكَ لَءَايَةً

*Namna azaaba aakhira'aa sodaatuf ,maalif ? azaabni aakhira'aa azaaba addunya'arra akkaan jabaataa, لِّمَنْ خَافَ عَذَابَ ٱلْءَاخِرَةِ ۚ

*Azaabni aakhira'aa sun, ذَٰلِكَ

*Guyyaa namni hundi isa keessatti walitti qabamu, jalqabama, sun guyyaa qiyaama'aati, يَوْمٌ مَّجْمُوعٌ لَّهُ ٱلنَّاسُ

103}*Guyyaan qiyaama'aa sun, guyyaa namni hama'aafii, gaarin isa keessatti argamu, gaafatamu'uu jecha. وَذَٰلِكَ يَوْمٌ مَّشْهُودٌ ﴿١٠٣﴾

104}*Azaaba guyyaa qiyaama'aa san, waytii beekkamtuu isaa qabamteetu, hin gayini'iif malee, waan biraatii, orma kuffaararraa boodan aansinu. وَمَا نُؤَخِّرُهُۥٓ إِلَّا لِأَجَلٍ مَّعْدُودٍ ﴿١٠٤﴾

*Guyyaan qiyaama'aa sun, dhufaaf taa'aa , gaafa dhufe, يَوْمَ يَأْتِ

لَا تَكَلَّمُ نَفۡسٌ إِلَّا بِإِذۡنِهِۦۚ

*Nam tokkolleen, yoo Rabbiin eehameef malee waa takkan dubbatu,

فَمِنۡهُمۡ شَقِيّٞ

*Gaafa san namni bakka lamatti baya, tokko nama khasaarame, kan ibidda haqa godhate, warra zalaalamii qixaaxamu jechu,

وَسَعِيدٞ ١٠٥

105}*Kan lameessa'aa nama milkaaye kan jannata haqa godhate warra qanani'u , jechu.

فَأَمَّا ٱلَّذِينَ شَقُواْ

*Duuba namni Rabbiin badii itti mure, kan qixaaxamu,

فَفِي ٱلنَّارِ

*Ibidda naqaman,

لَهُمۡ فِيهَا زَفِيرٞ

*Ibidda keessatti, qooqa ibiddaa jabdu'uutu, isaan eeggata,

وَشَهِيقٌ ١٠٦

106}*Ammallee qooqa ibiddaa tan {shahiiq} je`amtuutu isaan eeggata,{zafiir}jechuun: hafuura duraa kan ibiddi baaftu {shahiiq} jechuu: hafuura boodaa kan inni deeffatu, fakkeessa'aaf: iyyansi harre'ee, kan hafuurri afaanii bayu fidu,{zafiir} je'ama, ammoo kan hafuurri gara'atti gad deebi'u fidu, {shahiiq} je'ama, ibiddi jahannamis akkasi.

خَٰلِدِينَ فِيهَا مَا دَامَتِ ٱلسَّمَٰوَٰتُ وَٱلۡأَرۡضُ

*Jarri ibidda seene sun, waan dachi'iifii samiin aakhira'aa jirtuun ibidda san keessaa hin bayan, ibidumaan qixaaxamanii,

إِلَّا مَا شَآءَ رَبُّكَۚ

*Hanga Rabbiin kee fedhe yoo taate malee, kan qixaaxa ibiddarraa qixaaxa biratti siyfaman,

إِنَّ رَبَّكَ فَعَّالٞ لِّمَا يُرِيدُ ١٠٧

107}*Rabbiin kee waan fedhe dalagaa namni dura dhaabbatu hin jiru.

۞ وَأَمَّا ٱلَّذِينَ سُعِدُواْ

*Ammoo warri Rabbiin qananii isaanii dabrse,

فَفِي ٱلۡجَنَّةِ خَٰلِدِينَ فِيهَا

*Jannata keessatti qanani'an zalaalamii keessa taa'an,

مَا دَامَتِ ٱلسَّمَٰوَٰتُ وَٱلۡأَرۡضُ

*Waan dachi'iifii samiin aakhira'aa jirtuun,

إِلَّا مَا شَآءَ رَبُّكَۖ

*Hanga Rabbiin kee fedhe yoo taate malee jannataan qanani'an,

عَطَآءً غَيۡرَ مَجۡذُوذٖ ١٠٨

108}*Qananii kennaan isi'ii addaan hin cinneen qanani'an.

فَلَا تَكُ فِي مِرۡيَةٖ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad shakkii hin godhin, ammallee hin mamin, shakkiin qalbii tee keessan bu'in,

مِّمَّا يَعۡبُدُ هَٰٓؤُلَآءِۚ

*Asnaamni, takkaa wanni kuffaarri makkaa kun Rabbi je'ee ibaadu, azaabatti isaan geessaa, hin shakkin, isaan akkuma warri Rabbii achitti sanama gabbaru, kan isaan dura dabre, kan siif odeessine, azaabamutti azaabamanii,

مَا يَعۡبُدُونَ إِلَّا كَمَا يَعۡبُدُ ءَابَآؤُهُم مِّن قَبۡلُۚ

*Warri amma sanama gabbaru, yookaa ibaadu, akkuma abbootin isaanii, isaan dura, sanama ibaaduu turtetti ibaadan malee , akka biraatii miti, takkaa waanuma isaan gabbaran gabbaran ,haalli isaanii akkuma tokkicha, duuba akkuma abbootii isaanii, warra sanama ibaadu san lafarraa fin'etti, isaanis fin'aa, yookaa qixaan'aa, hin shakkin,

وَإِنَّا لَمُوَفُّوهُمۡ نَصِيبَهُمۡ غَيۡرَ مَنقُوصٖ ١٠٩

109}*Nuti qooda isaanii, kan azaabaa , duraan ir'ifnuu, guutuu kenninaaf, akkuma ummata isaan dura dabree kenninetti.

وَلَقَدۡ ءَاتَيۡنَا مُوسَى ٱلۡكِتَٰبَ

*Dhugumaan nabi muusa'aaf kitaaba towraat je'amu kenninee jirra,

فَٱخۡتُلِفَ فِيهِۚ

*Duuba ummanni isaa isa keessatti wal dhaban, gariin isaanii itti amanee, gariin isaanii itti kafaree,akkuma qur'aana keessatti ummanni kee wal dhabe, gariin dhugo'oomsee, gariin kijibsiisee

وَلَوۡلَا كَلِمَةٞ سَبَقَتۡ مِن رَّبِّكَ

*Odoo Rabbiin kee orma kuffaaratti azaaba hin jarjarsuu, boodan isaan qixaaxa je'ee dabarsuu baatee,

لَقُضِيَ بَيۡنَهُمۡۚ

*Silaa firdiin isaan jiddu'utti godhamteeti, warra kafare balaa itti buufnee, lafarraa fin'ee, warra amane qofa hambifna, haa tayuu waan Rabbiin akkasitti if qabsiisef, warri kafare lafarratti hafe,

وَإِنَّهُمۡ لَفِي شَكّٖ مِّنۡهُ مُرِيبٖ ١١٠

110}*Ummanni kuffaaraa sun, azaaba itti dhufu'uu taa'urraa shakkii qaban, takkaa kuffarri qur'aana ni shakkaa ittin amanu jechu.

وَإِنَّ كُلّٗا

*Duuba warra qur'aanatti amanuufii, warra itti kafare mara,

لَّمَّا

*Rabbiinan sii khakhadhaa,

لَيُوَفِّيَنَّهُمۡ رَبُّكَ أَعۡمَٰلَهُمۡۚ

*Rabbiin kee, jazaa dalagaa isaanii, isaanif galchaa, kan amane, jannata seensisee, kan kafare ibidda seensisee,

إِنَّهُۥ بِمَا يَعۡمَلُونَ خَبِيرٞ ١١١

111}*Rabbiin waan isaan dalagan hunda keessa beekha, inni kan waa takka isarraan dhokhanne, Rabbiin , eega, warra dur, kan karaa Rabbirraa jallate, akka taye, nabi muhammadiif oddeessee, akki je'ee, nabi muhammadiifii, ummata isaatii dhaame.

فَٱسۡتَقِمۡ كَمَآ أُمِرۡتَ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad karaa Rabbirraan maqinii, akka inni si qajeelchetti qajeeli,

وَمَن تَابَ مَعَكَ

*Warri sitti amanes, akka Rabbiin isaan qajeelchetti haa qajeeluu, shari'aa Rabbii eeggadhaa jechu',

وَلَا تَطۡغَوۡاْۚ

*Shari'aa Rabbirraan bayinaa, waan inni itti isin ajaje diddanii,

إِنَّهُۥ بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرٞ ١١٢

112}*Inni waan isin dalaydan hunda ni argaa jazaa isiniif galchaa, yookaa irraa isin gaafataa, beekaa.

وَلَا تَرۡكَنُوٓاْ إِلَى ٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ

*Warra dilii,yookaa cubbuu dalagu wajjiin hin dhaabbattinaa, inilleen gargaarinaa,

فَتَمَسَّكُمُ ٱلنَّارُ

*Yoo diddanii wajjiin dhaabbattanii, waan isaan dalagan jaalattan, ibidda azaabatu isin tuqaa beekhaa,

وَمَا لَكُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ مِنۡ أَوۡلِيَآءَ

*Nama Rabbin tayin kan azaaba Rabbii isinirraa dhoowwu hin argattanii, ibiddi isin tuqaa,

ثُمَّ لَا تُنصَرُونَ ١١٣

113}*Duuba nama isinii dirmatee , azaa ba jalaa isin baasu hin qabdanii, Rabbii keessan sodaadha'aa qajeelaa, wan inni dalagaa je'e dalaydanii, waan inni irraa isin dhoowwerraa dhoowwamu'uun.

وَأَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ طَرَفَيِ ٱلنَّهَارِ

*Yaa gabricha kiyya salaati, maddii lamaan guyya'aa hunda, maddiin yookaa moggaan lamaan guyya'aa tokko waan odoo aduun gama dhiyaa yookaa lixaa hin deebi'in dura jiru, salaanni isii keessatti salaatamu salaata subhgi'iiti, kan hoggaa guyyaan jalaan ifu rak'aa yookaa lixaa hin deebi'in dura jiru, salaanni isii keessatti salaatamu salaata subhgi'iiti, kan hoggaa guyya keessa salaatamu, salaata zuhri'iitifii salaata asri'iiti kan raka'aa afur afur salaatan,

وَزُلَفٗا مِّنَ ٱلَّيۡلِۚ

*Ammas halkanirraayis, gama dhiyatti

as dhiyaatu keessatti salaati salaanni halkan gama dhiyatti as dhiyaatu keessatti salaatan maghribaafii, salaata ishaa'iidhati, makgnaan kanaa, halkanii guyyaa keessatti salaata shan salaati jechu', salaanni shanan Rabbiin utubaa islaamaa godhee wajjabsiise, subhgiidhafii, zuhri'ii, asri'ii, maghribaa, ishaa'iidha,

*Salaanni shanan tun dilii namarraa deems- إِنَّ ٱلْحَسَنَٰتِ يُذْهِبْنَ ٱلسَّيِّـَٔاتِ ۚ

ifti,nabi muhammad akki je'an ;{salaanni shanan akka laga bishaan mi'aaya'aa kan hulaa yookaa balbala mana tokkoo keessanii dura yaa'u kan hoggaa shan bu'ee itti dhiqatu, mee xuriin wahi irratti haftii? akkasi nama salaata shanan salaatus diliin irrattin haftu},akkasuma namni waan hamtuu dalagee dilaaye, yoo waan gaarii Rabbiin jaalatu dalage, wanni gaarin inni dalage sun,dilii waan hamtuu inni dalageeti irraa hayxi, tanaaf jecha, namni wanni hamtuun irraa argamte daddafee waan gaarii dalagu',

*Wanni isinii dubbanne sun ذَٰلِكَ

*Gorsa, yaadanna'aa, ذِكْرَىٰ

114}*Warra gorfamuuf . لِلذَّٰكِرِينَ ﴿١١٤﴾

*Obsa qabaadhu, obsi sadi: وَٱصْبِرْ

1waan Rabbiin itti nama ajajerratti obsanii dalagu',
2 waan Rabbiin irraa nama dhoowwerraa obsanii dhiisu',
3waan Rabbiin namatti buuse jaalatanii irratti obsanii dalagaa tolchuu,

115}*Rabbiin galata, sawaaba warra dalagaa isaanii tolchee dalaguu, duraan balleessuu, guutuu kennaafii. فَإِنَّ ٱللَّهَ لَا يُضِيعُ أَجْرَ ٱلْمُحْسِنِينَ ﴿١١٥﴾

*Odoo warra isin dura dabre, kan Rabbiin lafarraa fixerraa, فَلَوْلَا كَانَ مِنَ ٱلْقُرُونِ مِن قَبْلِكُمْ

*Warri diinaa isaanii qabatee itti dalagu, أُو۟لُوا۟ بَقِيَّةٍ

*Kanneen dachii balleessu'urraa namaafii ifillee dhoowwan, odoo jiraatanii, silaa hin badan, haa tayuu warri akkasii isaan keessan jiruu tanaaf badan, يَنْهَوْنَ عَنِ ٱلْفَسَادِ فِى ٱلْأَرْضِ

*Nama gabaabaa yookaa xiqqaa malee , kan sababaa isaan waan hamtu'urraa nama dhoowwaniif jecha, badii jalaa isaan baafne , إِلَّا قَلِيلًا مِّمَّنْ أَنجَيْنَا مِنْهُمْ ۗ

*Ammoo warri isaanirraa waan hamtuu dalagu'uun Rabbitti dilaaye,waan isaanin qananiifne, kan nabseen isaanii jaalattu, jala وَٱتَّبَعَ ٱلَّذِينَ ظَلَمُوا۟ مَآ أُتْرِفُوا۟ فِيهِ

deemaniiti, waan Rabbiin itti yaamu dhiisanii badan,

وَكَانُوا۟ مُجْرِمِينَ ﴿١١٦﴾

116}*Isaan warra Rabbitti kafaree,karaa Rabbirraa baye. makgnaan kanaa, warri karaa garii deemee, waan hamtu'urraa nama dhoowwe addunya'aa aakhiraa nagaya baye, ammoo warri karaa hamaa deemee waan hamtu'urraa naman dhoowwin, addunyaa aakhira'atti ni bada jechu.

وَمَا كَانَ رَبُّكَ لِيُهْلِكَ ٱلْقُرَىٰ بِظُلْمٍ

*Rabbiin kee biyyoota, takkaa warra biyyootaa itti roorrisu'uun hin balleessuu,

وَأَهْلُهَا مُصْلِحُونَ ﴿١١٧﴾

117}*Odoo warri biyyoota sanii Rabbitti amanee waa tolchuu, kan waan hamtuu dalaganii, Rabbiin balaa isaanitti busuu, haqan godhatin,akkanumaan Rabbiin isaan hin balleessu, Rabbiin yoo biyya takka balleesse warruma biyya saniititu Rabbiifii namatti balleessee if galaafate.

وَلَوْ شَآءَ رَبُّكَ لَجَعَلَ ٱلنَّاسَ أُمَّةً وَٰحِدَةً ۖ

*Rabbiin kee odoo fedhee, nama hunda diinaa tokkorratti walitti galcha haa tayuu Rabbiin sanin feene ,

وَلَا يَزَالُونَ مُخْتَلِفِينَ ﴿١١٨﴾

118}*Tanaaf jecha, waan diina'aa keessatti wal dhabuun oolan, wal dhabu'urraan deeman

إِلَّا مَن رَّحِمَ رَبُّكَ ۚ

*Warra Rabbiin kee rahgmata godheefii,n haqarratti walii galan malee, haqa isaan jaalachiisee maraxatanii,

وَلِذَٰلِكَ خَلَقَهُمْ ۗ

*Rabbiin nama hunda karuma isaan irratti jiranii jecha uume, maalif Rabbiin nama hunda waan inni tayu'uu taa'u, wal didda'aafii wal taya isaa beekhetuma, waanuma inni tayu'uu deemuf uume, tanaaf namni wal dhabu'urraa hin deemne,

وَتَمَّتْ كَلِمَةُ رَبِّكَ

*Jechi Rabbii keetii guutame, Rabbiin waan je'e je'ee dabarse sun,

لَأَمْلَأَنَّ جَهَنَّمَ مِنَ ٱلْجِنَّةِ وَٱلنَّاسِ أَجْمَعِينَ ﴿١١٩﴾

119}*Warra namaafii jinni'irraa Rabbitti dilaayenan ibidda jahannam guuta je'ee kakatuudhan.

وَكُلًّا نَّقُصُّ عَلَيْكَ مِنْ أَنۢبَآءِ ٱلرُّسُلِ

*Qissaa ergamoota Rabbii cufa sitti odeessina,

مَا نُثَبِّتُ بِهِۦ فُؤَادَكَ ۚ

*Waan qalbii teetin si jabeessinu takkaa siin qabbaneessinu, akka hoggaa waan obboleeyyan kee, ergamoota Rabbii, kan si dura

ergametti argame,dhageessef, obsa ida-'attuuf ,

وَجَآءَكَ فِي هَٰذِهِ ٱلْحَقُّ

*Oduu yookaa qissaa siif odeessine tana keessatti takkaa suuraa tana keessatti, haqaatu siif dhufe,

وَمَوْعِظَةٌ

*Ammallee gorsaatu dhufe,

وَذِكْرَىٰ

*Yaadachiisatu dhufe,

لِلْمُؤْمِنِينَ ﴿١٢٠﴾

120}*Warra amaneef. Isaantu waan Rabbiin je'uunirraa bu'aa argataa.

وَقُل لِّلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ ٱعْمَلُوا۟ عَلَىٰ مَكَانَتِكُمْ

*Warra Rabbittin amaniniin akka jettu, waan itti dhufu'uu jiraattaniif, haaluma itti jiraattanitti dalagaa ji'iin, wanni isaan itti dhufan azaabaa,

إِنَّا عَٰمِلُونَ ﴿١٢١﴾

121}*Nutis waan itti dhufaa jirruuf dalaynaa, sun jannataa.

وَٱنتَظِرُوٓا۟

*Waan nutti bu'u, yookaa argamu eegaa, waan gaarii malee wanni hamtuun nuttin argamtuu,

إِنَّا مُنتَظِرُونَ ﴿١٢٢﴾

122}*Nutis waan isinitti bu'uudhaa taa'u eeynaa, sharrii malee, kheyrin isinittin buutuu.

وَلِلَّهِ غَيْبُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Wanni sami'iifii dachii keessatti dhokhate hundi, kan Rabbiitii waa takka isarraan dhokhatuu, quba qaba,

وَإِلَيْهِ يُرْجَعُ ٱلْأَمْرُ كُلُّهُۥ

*Wanni hundi gara isaati deebitii, kan tolee jannata kennee, kan hammaate qixaaxaa,

فَٱعْبُدْهُ وَتَوَكَّلْ عَلَيْهِ ۚ

*Isuma ibaadi,wahayuufuu isumatti irkadhu isumaatu siif gayaa,

وَمَا رَبُّكَ بِغَٰفِلٍ عَمَّا تَعْمَلُونَ ﴿١٢٣﴾

123}*Rabbiin kee waan isin dalaydan hunda quba qabaa, hin dagatuu irraa isin gaafatu'uu jiraataa.